

Ergaa lammaffaa

Sanyii namaa ardii irra jirtu hundaaf

Barreeffame caamsaa 27 bara 2000 bara fayyinaa A.L.I

**Kun murtii Waaqayyoo lammaffaa
jedhamee ibsamuu ni danda'a. Yookis ammoo**

IFAAN DIIMAAN kan itti mul'ate jedhamuu
ni danda'a.

Yaadannoo:

- Ergaa kana of eeggannoon dubbisaa
- Nama biroof yoo kennitan fuulota hundaa kennaa. Hin hir'isinaa, hin dabalinaa, him fooyyessinaa; kan kan godhan adabbii malee him dabraman waan ta'eef!
- Ani tolaan akkan sinii kenne isinis tolaan kennaa. Fedhanii barbaadanii yoo sinii kennan fudhadhaa. Eebba isaa nuu wayya yoo jettan hin fudhatinaa.
- Faaksii godhaa, imeelii godhaa, weebsaayitoota keessan irratti gadhiisaa, poostaadhaanis ergaa.
- Gaazexaa irratti maxxansaa, tamsaasaa raadiyoo, televiziyooniirratti gadhiisaa
- Akka ajajichaa fi gorsicha warra hin goone ajajicha irratti maal akka jedhu dubbisaa.
- Tola/arjaa raawwachuu namuu hin dhoorkamu.
- Hoogganaas ta'ee hoogganamaa kan madaalamu hamma gaabbii fi gocha gaarii isaatiini.
- Hojiin arjaas kan jalqabamu xinno xinnumaani.

Dubbisa hubannaa gaarii siniif haa ta'u!

caamsaa 27/2000

barreeffame

Sanyii Addaam fuula ardii guutuu irra harca'ee jiraatu hundaaf

Kun ergaa lammaffaa fi kan dhumaati wanti haaraan dhufu hin jiru; kan murteeffame hojii irra ooluu malee.

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Hafuura Qulqulluu Waaqa Tokkicha Ameen.

Far. 118(119):

⁴⁴ Ani itti fufee, yeroo hundumaaf bara baraan seera kee nan eega.

⁴⁵ Ani ajaja kee argachuudhaaf waanan barbaaddadheef, iddoo bal'aa keessa nan deddeebi'a.

⁴⁶ Abboommii isa siif dhugaa ba'us, mootota duratti nan dubbadha, hin yeella'us.

⁴⁷ Abboommiin kee inni ani jaalladhu, garaa na ciibsa.

⁴⁸ Abboommii kee isa ani jaalladhutti harka koo nan hiixadha, seerrata kees irra-deddeebi'ee itti nan yaada.

Akka Daawit sanyii namaa hundaaf jedhe! Murtoo fi adeemsa murtii Waaqaa akka dhageechan kuno ajajame. Ajaja koos yaa guutuu ilma namaa sodaa malee dhagahi; ija kee, gurra kee bani jedhee nan dubbadha. Gooftaan keenya kan wanta sammuu keenyaan beekamus, hin yaadamnes, bira hin ga'amnes, kan icciti ta'es, kan ifa bahes, kan guddates, kan xinnaates, hundayyuu uume maqaan isaa haa galatoomu! Gooftaan jiru kan jiraatus uumaan baraas kan yeroos kan waan hundaayyuu kabajni maqaa isaaf haa ta'u. Uumaan ifaafi Gooftaan Waaqayyoo inni ifa namuu itti hin dhiyaanneen teessoo mootummaa isaa diriirse Waaqayyoon keenya kan galatoome haa ta'u.

Ilma namaa kabaja isaatiif, ittiin galatoomuuf fakkii isaatiin kabajee kan uume Abbaan Ilmi Hafuurri Qulqulluu Waaqayyo sadeen tokkochi baraa hamma baraatti galatoomuu qaba. Akka ulfaannuuf, akka fayyinuuf, akka jireenya bara baraa dhaalluuf kan nu jaalate Waaqni arjaan haa galatoomu.

Namuu kan hin gorsineen, namuu kan hin ajajneen, fedhiin isaa kan jaalatte hunda kan raawwatu Gooftaan haa ulfaatu haa galatoomu.

Gooftaan kan amala isaatiin dhugaa, jaalala, arjooma, waan hundaan guutummaa kan uffate waan hundaan guutuu(perfect) kan ta'e kabaja isaatiif waan nu uumeef galateffachuunii nurra jira. Gooftaan keenya kan jireenya bara baraa akka dhaalluuf guutummaa mootummaa isaatii akka gammachuu dhaan burraaqnu hanga dhumaatti kan nu jaalate rakkina namuu hin darbineen foon isaa cicciree dhiiga isaa facaasee cingii olaanaa dhaan du'a liqimsee guyyaa sadi keessatti gootummaa du'aa bittinneessee (injifatee) hagam fagoo akka nu jaalatu nutti mul'isee kabaja fi teessoo mootummaa isaa irra jiru kan galatoome haa ta'u!!

Kitaaba Faarfannaa Daawit 103(104)

Haadha teenya dubro Maariyaam iraa foon ishee murate dhiiga ishee dhaalee nama ta'ee; dhukkubbii keenya dhukkubbii isaa; madaa, cabuu, rakkachuu, caccabuu, keenya hunda kan isaa godhee gatii cubbuu keessa darbuu kafaluu nurra jiru hunda ofii isaa aarsaa godhee gatii daran olaanaa kafalee kan nu fayyise, kabaja isaatiif kan nu geesse amantii Ortodooksii Tawaahidoo kan balbaloonni Gahaannamii(qilillee) hin dandeenyyeen danbalii badiinsaa kan hunda gidduuti jabeessee kan nuuf dhaabe Gooftaa keenyaaf kabajni galanni ulfinnii lubbuu keenya guutuu laphee keenyaa fi yaada keenya guutuu irraa yaa dhangalau; maqaan isaa yaa eebbifamu amen!!

Ergaan kiyya kan haraa kan dhumaa fi xumuraa ti.

Irra deebiee nan jedha ergaa isa dhumaati.

Qabiyyeen ergichaa bakka lamatti qoodama. Ergaan tokkoffaan biyyoota addunyaa guutuu irra jiraniifi ummatoota isaanii kan ilaalatu yoo tau; lammaffaan haala biyya koo Itoophiyaa ilaalata. Of tuulummaa fi tuffii irraa fagaachuun qalbiin dhaggeeffadhaa! Kun jecha , kan jechifi murtiin firdii irratti raawwatamuuf qophaawuu fi karra keessan irra dhaabachuu isaa akka beektaniif ajajame dha.

Ummata addunyaa Itoophiyaa ala jiraniif hunda akka gahuuf ergaan jechi firdii kun Ingiliffaan dhiyaatee jira.

Yaa nama, dhagahi

Macaafa Saamuqeel isa duraa boq. 1: 1-10

Kitaaba faarfannaa Daawit 18(19)

Kitaaba faarfannaa 32(33): 16-22

Ummatni Waaqa isaa tuffate fedha isaa gad qabee ilaalee fi siruma bitamaa Diyaabiloos taqe dirqama murtii isaa argachuu qaba; lolamus gorfamus reebamus homaa kan hin dhageenye, badii tokkoo gara biraatti kan cehu obsa Waaqa isa uumee kan qoratu, dabrees kan arrabsu, beekumsa qabateen kan boonu fi ofii isaa Gooftaa isa uumee ol kan godhe; namni baranaa kun dirqama argiisa barbaade kana unachuu irra jira.

Faarfannaa Daawit 10

Ati umama biroo irraa adda waan taateef, nama fakkii Waaqayyootiin uumamtedha waan taqeef, akka namooma keetii aadiitii dhagahi; gurra kee banadhu; ija kees haa banamu; qilee cinaa dhaabattee jirta; tufamuuf gatamuuf jirta. Dukkana bara baraa keessummummaa addunyaa kanaas salphinaan unachuuf jirta. Xiinxali yaadi; dafii dhagahi ergaan kun asoosama ati badhaasa noobeelii jettee itti wal badhaastu miti. Ergaan kun kan murtoo ti. Murtii Gooftaaa samiifi ardii uumee fi diriirsee kan sis fedhaan uumeeti. Jechi afaan isaatii bahe; kan ajajame osoo hin raawwatin hin deebi'u. kun ta'uu mannaa samii fi ardiin darbuutu salphata waan taqeef!

Lafa irrattis kan gatii hin qabne addunyaa isa dhufu keessattis gadi bu'aa kan taate si'iin sitti dhufeera waan taqeef; ciniinsuu calqabdeerta. Beela, waraana, obonboleettii, danbalii, volkaanoo kun hunduu ajaja Gooftaa isaan uumee raawwachuuf ofeeggannoon dhaabataniiru.

Ani mootummaa dha; ani dhaabata; ani hoogganaa dha; ani kaatolikii dha; ani islaama; ani pirootestaantii dha; and doktora; ani hayyuu dha; abbaa taankii; abbaa jeettii; abbaa niikulerii; qabeenya baay'ee qaba kan jettuuf tuffiidhaan, oftuummaadhaan, anatu beekaadhaan kan guutamte, soba akka ogummaatti kan uffatte hama lubbu balleessaa kan taate hundi ati daaraa dha hin shakkin; gara daaraatti ni deebitaati homaa miti; akka aaraa ni harcaata; fincilli aarii Waaqayyoo dammaqse abidda si nyaatu dhalee jira. Si nyaata hin miliqxu.

*Waaqayyo gooftaan maccaa murtoo godheera, eenyutu isa hambisa ree?
Harki isaas of fuudhameera, eenyutu isa gad deebisa ree?*

Raajicha Isaayyaas 14 : 27

Namni ergaan kun isa bira gahe hunduu osoo hin hirjis hin dabalin ummata isaa kan biraa biraan gahuu irra jira. Hunda bira akka gahu hamma humni kee danda'u hinda godhi; Waaqayyoof ajajamuu jechuun, obboleessii fi obboleettiin kee kan biroo hundi kan ittiin fayyan, balaa du'aa jalaa kan itti bahan hunda gochuu dha. Qajeelummaan fayyaalessummaan ajaja Waaqa isaa kabajuun kan ifaaju hundaaf ni kafalama. Ergaan kun sanyii namaa hundaaf gahuutu irra jiraata; fudhatus fudhachuu baatus, ati adaraa Waaqayyo sitti kenne bahadhu. Itti himi hin dhagahu yoo jedhe harka kee dhoofta, awwaara miila keetii ofirraa dhahi; akkuma ati ofirraa dhoofta Waaqayyo Gooftaan maccaas akka daaraattis ni bittinneessaan. Kanaafuu ati ergicha dabarsi; barbaadu haa gatu, haa tarsaasu, haa gulaalus haa of jajus akka barates ajandaa falmii fi falaasamaas itti haa banu; waan barbaade haa jedhu; gatiin kafalamu harka Waaqaa jira. Waan kana ta'eefis osoo hin oolin osoo hin bulin gatii isaa ni fudhata. Barri itt qoosee baacee tuffatee itti jiraatu darbee jira waan ta'eef! Namni kamiyyuu ergaa kana erga dubbiseen booda dursee ofii isaa osoo ilaalee gaarii dha. Namoonni hedduun akka muxannoo jireenya isaanii fi akka beekumsa isaanii, akka gocha isaaniitti ilaalu fi hiikuu ni malu. Inni kun mormii foonii addunyaa ifaa kana irratti uumamuun kan eeyyamamuu fi kan baratameedha.

*Jaalatamoo obboloota koo, egaa utuu hin socho' in jabaadhaatii dhaabadhaa!
Itti dadhabuun keessan gooftaa biratti akkasumaan akka hin ta' in beektani,
yeroo hundumaa hojii gooftaa caalchisaa hojjedhaa!*

1ffaa Qorontoos 15 : 58

Jechi dubbiftu kun gabroota fi tajaajiltoota Waaqayyoo kan isa waliin walqunnamtii dhiyoo qaban ergama isaatiin amanamaniin kan barreeffame jecha murtoo kan si gorsu, dhagahuu deebi'uu baattu gatii kee kan siif kennu dha. Fedhii fooniitiin, miira dhuunfaatiin akka sitti hin fakkaanne ergaan as keessatti dhageechuu fi hubattu qabxiin tokkoyyuu osoo hin hin kufin fi hin hafin ni raawwatama. Dhaabattee lubbuun jiraattee ilaaluuf si haa gahu malee. Tarii wanti beekuun sirra jiru ati kan dhugaa kana beektee hin deebineef akka namoota bara Noohii badiin morma kee bira gahee iddoo gaabbitee deebi'uu hin dandeenye bira siin gahu sa'aatii sanitti qofa ni beektaan. Jechi kun dhugaa ta'uu isaa gara du'aa dabaraa lubbuu keef; mataa keef; keessa keef himtee ni xumuramta kanaafuu dhagahi!

Isaayyaas 2:6 - 22

Isaayyaas 5: 7 – 30

Sanyii Aaddaam dhagahi murtiin kee bahee jira. Dahannoon hin jiru. Bara 1998 sadaasa 7 akka lakkoofsa Itoophiyaatti ergaa isa duraa kan fuula 21 qabate kanan erge yoo ta'u biyyoota gurguddoofi nu hooggantoota sanaadhas kan jedhan warra hooggantoota foonii, warra nu hooggantoota hafuurawaati jedhaniif adaraa dhaan poostaadhan akka isaan gahu godheen jira. Biyya kiyyatti warra hedduuf dhuunfaadhaan akka isaan gahu godheen jira. Ummata hundaafis afaan hundaan hiiktani akka ibsitan hubachiiseen jira. Ofitti gaafatamummaas akka fudhattan ibseen jira. Kana tuffattanii kan osoo hin godhin haftaniirtu. Kan nama dingu dhaabbanni mootummaa, dhaabni hafuurawaa, kan jedhaman tokkoyyuu saba isaafi ummata hoogganuuf kan ibse hin jiru.

Haata'uutii addunyaa teenya irratti waggaa lamaan asitti jalqaba ciniinsuu uumamaa jiru ilaalaa turtaniirtu. Kunuu sinitti hin dhagahamu. Kanaafuu murtoon du'aa har'aa sitti dhufeera!

Hojii abbaa keessanii Diyaabiloos; kan sirbaa, kan daansii, kan fiilmii, kan ispoortii, kan wal ficcisiisuu, oduu balaa, osoo argattanii sakandii keessatti ni tamsaastanture. Hata'uutii ana homaa natti hin fakkaatu; kan beekuu qabu karaa adda addaatiin bira gahee beeket jira. Kan hin beeknes amma beekaa jira.

Ergaa isa duraa kanaan wanti sin mudatu ifaan himamee jira. Hojiin keessanis ifa baheera galaanni ibiddaa sin liqimsa. Kunis dabaluu hoo'insa addunyaa argaa jirra. Saayinsiidhaan deebifta afachuu eegi. Nama hubatuuf ofii isaafi ummanni isaa eessa akka jiran kan itti ilaalani dha. Amma yeroon sun osoo ati itti hin fayyadamin dabree jira. Waggaa 2ffaa xumuratee jira. Kan dhufuuf jiru maal kan jedhu ilaaluun barbaachisaas kan ta'uu qabusi. Ergaa duraas ta'ee lammaffaa kana irratti kan ibsame hunduu ni raawwatama. Wanti hafu tokkoyyuu hin jiru. Addunyaan rakkoowwan sadarkaa garagaraa qaban keessa kuftee jirti; hoo'i dabalee jira, beelli babal'ateera, walitti bu'iinsi baay'ateera, haalli qilleensaa jijjiirameera. Ardiin amala ishee jijjiirteerti. Kun hunduu sirrii dha. Badiinsi kunuu dacha dhibba hedduun sadarkaa olaanaadhaan ni dabala. Ilmaan Diyaabiloos galaana abiddaatiin haramuu keessan shakkuu hin qabdan. Mallattoon aarii ardii Chaayinaa kirkirsee fi diige, kan Barmaa hare maal sinitti fakkaata? Isin bira hin dhufuu? kan dhoorkuun jiraa? Dachaa kumaan siif dhufa. Sin yoo duuti sin liqimsu qofa sinii gala. Kanaafuu eggadhaa.

Dubartiin ulfaa takka dhaluuf yeroo jiini ishee gahu itti hin tolu; in waraanaan, hin cinqaan. Kunis mallattoo dhufaatii ciniinsuuti. Har፳as addunyaa irratti kan mul፳atu kanuma mallattoolee dhufaatii badiinsaati. Ciniinsuun inni guddaan gana jalqaba. Eessattis miliqxu, Gooftaa jalaa garam dahattu! Beekumsi keessan, qabeenyi keessan, gamoon keessan, konkolaataan keessan xiyyaarri keessan, dahannoon keessan kan qottan, loltuun keessan, ogummaan keessan sila isa kamtu ulee dallansa Waaqaa jalaa isin dhoorkee jiraachisa laata! Beelliifi rakkoon ikoonoomii hiyyeessaaf qofa akka dhufe dubbattu; isin abbootii qabeenyaati waan ta፳eef warqee keenyaan meetiii keenyaan fayyina kan jettanidha. Eegaa! Bu፳aa isaa ni agartu. Abiddi bakka ati dhokatte sakatta፳e seenee si nyaatu siif dhufa.

Isaayyaas boqo. 13

Mana Waaqayyootti dahachuu kan danda፳amu hafuurummaa fi abbootiin amantii kadhatanii Waaqa waliin araarsuus araaramuuf ga፳u yoo jiraatani dha. Fincilli addunyaatti raawwatamu addunyaa caalakan raawwatamu dursitoota amantaatiinii. Sadoomoota dhal; finciltoota kan ogummaa isaaniitiin boonan, hojii dukkanaaf deeggarsa kan kennan kan jajjabeessani dha. Walumaagalatti hojii Diyaabiloosiif kan cimanii jiranidha.

Barumsa isaanii isa jal፳ataa fi ija babaasaa kan barnoota fi fedhii Waaqayyo Hafuura Qulqulluu tuffateefi booresse, laaqeefi jijjiiree caalaa fincilli isaanii cimaa dha. Lubbuu balleessitoota kan eebbisan, haguuggii amantaatiin hojii siyaasaa kan hojjetan, eddoo garagaraas kan deeman uffata isaaniitiin hojii Diyaabiloos isa dhoksaa raawwachiisuuf kan haarani dha. Isiniifi ajaji Waaqayyoo garamitti wal beektan! Gamoon maal bareedu dhugaa hin mul፳isu ogummaa olaanaadhaan lallabus hin nama hin jijjiiru. Keessi keessan fincilaan kan ijaaramee fi fedhii Diyaabiloosiifi hojjaa dukkanaatiif kan bitame ta፳uu isaatiif akkamitti waan gaariin sin keessaa baha?

Raaj. Isaayyaas 28: 3 ፻ 29

Abbaan amantii kaatolikii fi abbootiin amantaa Musliimaa kitaaba isaaniitiin yoo wal eebbisan kan mul፳ate yoo ta፳u kitaaba dhiiga dhangalaastotaa eega akka gaariitti lakkaawee fi yaadannoo godheef haala kamiini kan dursaa hafuurawaa ta፳u? Dhaabbilee amantii inni hoogganu keessatti warii *sadoomiiguutaniifi*; hojjetoota siyaasaa haala itti ta፳anitti fedhii fi ajajni Waaqayyoo haala itti diigametti akkam ta፳eeti kan hin amane kan amanu? Haala kamiinisi cabiinsii hafuurawaa isaa kan suuphamu? Ergaa tokkoffaa irratti akka ibsametti kitaabota amantii hedduu fi hayyoota gosa barnoota kana ni qabdu baay፳ee barreessitaniirtu. Akkuma beekumsa foonii san ragaa

barumsa Tiyyoolojii kan haga sadarkaa barumsa dooktireetii gahu ni kennitu. Qulqulluu, Qulqulluuma isaani ni jedhamtu; Phaaphaasii kabajamoo ni jedhamtu. Teessoon ulfinaa bakka deemtan maratti keessani. Uffatni keessan miidhagaa dha. Faarfannaan keessan meeshaa fi iyya nama hedduutiin kan guutamedha. Pirootestaantiini, Aanjelikaaniinis, Islaamnis, Budiistiinis, kan birootis hunduu akkuma keessani. Miidiyaan elektirooniksii kan keessani. Iddoon walgahii hundi keessani. Abbootii qabeenyaa baay'ee hedduutisi. Hayyoonni baranaa hooggantoonni siyaasaa balleessaa isaaniif yoo bobba'an eebbiftanii jajjabeessitanii kan ergitan isini.

Sin waaqeffattoos beekumsa isaani ogummaa isaaniitisi. Qalbiin keessan ijoollee ijoollee Diyaabiloos kana waliini. Dugda keessan Waaqayyoo kennitaniittu. Kadhannaaf jettanii walitti qabamtu. Kan sin dhagahu hin jiru. Waaqni gurra isaa kan itti siniin dhagahu eega cufatee ture. Iyya keessan kan akka aara faandoo ajaawu dhaguu dhiisii sin obsuu fi sin baachuu nuffee jira.

Faarfannoo Daawit 35(36) : 1 - 4

Addunyaa teenya itta amantiwwan bifa hedduu qaban lafa uwwisee jira. Daandiin baduu bal'aa, daandiin fayyinaa dhiphaa; ta'uu hunduu kan beeku dha. Daandiin bal'aan kan Diyaabiloosidha. Ijoollee Diyaabiloos kan Waaqayyoo maqaa isaa qofa uffatan kan keessa isaani dhugaan hin jirreen guutame dha. Maqaan isaani hedduu dha. Kaatolikii; pirootestaantii; Islaama, Budiizimii, Shiintoo'iizimii, Taa'oo'iizimii; lakkoofsi isaani kan baay'atedha. Isaan tokko tokko uffata Kiristaanummaa kan uffatan kan keessi isaani duwwaan ta'eedha. Tokko tokko sirumaa Fakkii kan waaqeffatanidha. Kan biroo immoo amantiwwan falaasama fakkaatanidha. Ummata addunyaa biliyoona 6 keessaa parsantii 90 kan guutani dha. Ijoollee seexanaa kan sagalee caalmaadhan harka Waaqaa micciiruu akka danda'an amananiifi tilmaamanidha.

Kun kan nu yaadachiisu morkii nama Waaqayyoo tokko kan ta'e Eeliyaasii fi ummata Israa'el hoogganaa turan Eelzaabeelii fi Aka'aab, Luboota Ba'aal 400 angidduutti raawwatamedha. Morkii kana keessatti ijoolleen Eelzaabeeli ummattoonni Aka'aabii fi luboonni fakkii Ba'aal kumaatamaan lakkaawaman Eeliyaas irratti duulanii; gabrichuma amanamaa Waaqayyoo amanamaa tokkicha kanaan rukutamaniiru.

Haaluma kanaan walbira qabnee yoo ilaallu fuula addunyaa guutuu irra ummatni biliyoona 5 ol ta'uu maqaa garagaraa rarraasee hunduu boficha duraa(Diyaabiloosiin) durfamaa ummatni addunyaa parsantiin 99 Waaqa isaa

irraa fagaatee abbootii duulaa Diyaabiloos kana waliindhaabateera. Kanaan faallaa ammoo lakkoofsaanis qabeenyaanis waan hunduma isheetiin kan xinnaatte warruma kanneeniin kan rukuramte Ortodooksii Tawaahidoon dhaabattee jirti. Eeliyaas kophaa isaa Uumaa isaa waliin dhaabate. Ortodooksiin Itoophiyaas obboleeyyan ishee muraasa addunyaa irra jiran waliin Waaqa ishee waliin fedhii isaa fi ajaja isaa waliin dhaabattee jirti. Eenyutu mo'ataa booda ni argina. Amantiin Tawaahidoo Ortodooksii yeroo ammaa irratti qorama olaanaa keessa kan kufte keessaanis alaanis diinaan kan weeraramte qorama olaanaatti kan jirtu garuu kan hin badne ijoolleen qilillee(Gahaannamii) hundi kan marsaniin taatee jirti.

Dursaan waraanaa Diyaabiloosii fi hoomaan(maccaan) isaa amantii Tawaahidoo tanaa fi hundee jabaa ishee kan itti hundeessite Biyya koo Itoophiyaa irratti waraana bara hedduuf turee fi arrii baase karaa hundaan irratti geggeessaniiru. Geggeessaas jiru. Har'as hoogansa ishee fi keessa ishee kan ta'an diina waliin kan jiran fedha diinaa raawwachiisuu irra kan jiran yoo ta'u harka isaanii kan giddugalaa hamma gandaatti diriiree jiruun hundee fi jabeenya Bataskaanaa diiguuf ifaajaa argamu. Meeshaa siyaasaa waan ta'aniif humnoota mootummaa waliin ta'uun diigaa jiraaachuu isaanii dhugaa hunduu beeku dha. Ummannis siruma dogongoree aadaa fi amantaa namoota badii bara keenyaa dhaalee hojjetaa Diyaabiloosii ta'eera. Sagaagalaa dha; hattuu dhartuu, soba dubbataa fi sobaan kan dhugaa bahudha.

Gooftaa keessan kan ta'e bofichi duraa Diyaabiloos karoora balleessaa isaatiif akaakayyuuf akaakilee keessan irraa eegalee hanga ammaatti seerota isaa kan kan badii fi dukkana sin harka kaa'eera. Fedhaa fi ajaja Gooftaa samii fi ardii uumee tuffattanii seeraa fi fedhii Diyaabiloosiin kan deemtan taataniirtu.

Sagaagaluun mirga; sobuun ogummaadha; murtii hiyyeessaa jal'isuun sirrii dha; abbootii qabeenyaa fi abbootii taayitaaf dhaabatani hiyyeessa ari'u fi irratti badii raawwachuun dansaa dha siniin jedhaniiru. Saba koo qofa jechuun, namoota saba isaaniitiin olaanaa fi gadaanaa gochuun; gocha Sadoom raawwachuun indastiriin walqunnamtii saalaa, ; humnaa fi ifaajee hiyyeessaa saamuun meeshaa badiinsaa qopheessanii ummata wal ficcisiisuun, kunniin hundi hojii sirrii dha siniin jedhaniiru!!

Seerri Baabiloon(Ameerikaa) fi ilooleen ishee(Awurooppaan) baasan kan abbaa isaanii Diyaabiloos waan ta'eef kanarratti hundaa'uun walitti qabaanis ta'ee dhuunfaan wal-ficcisiisni isaan in raawwanne hin jiru.

Raajicha Eermiyaas boq. 23 : 9 - 40

Harጁa qarshiin gooftaa dha. Wanti qarshiidhaan hin bitamne hin jiru. Waaqni fakkii nama hundaa qarshii dha. Maallaqni ammoo meeshaa Diyaabiloos isa guddicha.

Diyaabiloos fi hoomaa isaatiif kan gargaaru mirga dimokraasiiti jettu. Qopheessitanii ummata hunda kanaan ooftu; namas taጁee jechamaa fi seera dimookraasii jedhamu keessan kanaaf hin bitamu; seera waaqa na uumeetiinan bitama jedhe hunda ni ariitu, ni hiitu kunis gocha keessan kan yeroo hunda raawwattanidha.

Seeraafi sirna Gooftaan addunyaa irra akka jiraannuuf nu uume nuuf kenne amantii Tawaahidoo Ortodooksii cimanii abbootiin keenya keessa dabranii jiru. Dhugaa waaqaatiif itti wareegamaniiru. Gatii barbaadamus kafalanii dabraniiru.

Kunoo amantii Tawaahidoo Ortodooksii biyya kiyyatti dhaabattee sinii baduu diddee; kunoo ishiyyuu akka dhaabbataatti balleessuun milkii siniif taጁeera. Akka amantii dhuunfaatti garuu Waaqayyo laphee nama hundaa irratti kan dhaabeen waan taጁeef baduu diddeetti. Vaatikaanii, Pirootestaantii, Musliimni, Budiiizimiin, Hinduuyizimiin, Koonfiishiyeesiin kan boca dhaabbile amantaa qabate hunduu anjuun isaas, ifaajeen isaas, duulli isaas, mana Waaqayyoo tana balbala dhugaa tana siruma balleessuudha. Bulchitoonni adduunyaa, abbootiin amantaa addunyaa hunduu hoogganaa isaanii kan taጁe bulchaa dukkanaatiin durfamuun amantaa Tawaahidoo balleessuuf ifaaju. Phaaphaasonni isaan aangessan, guddisan, shoggoran(kunuunsanii guddisan) hojiin isaanii kanuma.

Kanumaafi Musliimni, Pirootestaantiin, Kaatoolikiin kan biroos kan lakkoofsi isaani baayጁate harጁa Lafa Itoophiyaa irratti guutan. Dhaabni amantaa kun hundi ganamaa hanga galgalaa duulee fi balleessee kan galu amantii Tawaahidoo Ortodooksii.

Duulli isaanii dhuma irra waan gaheef phaaphaasii, diyaaqonii, tajaajiltoota kan jedhaman tooftaa duulaa Diyaabiloos garagaraatiin eebbifamanii fi hayyoomanii garaa isaaniif kan bulan taጁanii dooktiriinii diinaa garagaraa rarraasanii meeshaa badii Diyaabiloos kan akka Tsaggaa, Qibaat, Tahaaddisoo jedhu baatanii hojii diiguu eega hojjechuu eegalanii waggoonni baayጁeen lakkaawaman. Kana bira kan darban garaa isaaniitiin akka yaadan godhame. Siyaasichaaf meeshaa taጁan; Waaqaaf bitamuu dhiisan. Amantoota bineensaaf bittinneessan. Garaa isaanii guutuuf hambaalee irraa

eegalee wanta maallaqa ni baasa jedhanii yaadan hunda ni gurguran ni jijjiiran. Baduu kan dideen laphee namaa irraa qofaayi. Maarree kun hunduu kan qindaa□u boficha duraa addunyaa oofaa jiruuni. Teessoo isaa Ameerikaa, Awuroppaa, Eeshiyaa, Baha dhihoo irratti dhaabee kutaalee addunyaa hafaniif buufata ajajaa akka humna isaaniitti qindeessee addunyaa gara badiinsaa oofaa jira. Teessoo fi buufanni ajajaa isaa magaalota addunyaa irratti beekamanidha. Namni hunduu akka gannatii(mootummaa waaqaa) kan isaan ilaaludha. Niiwoorki Waashingitan faa, Landan faa, Paariis faa, Biraasalsi, Maadriid, Liizban, Peekiing, Mooskoo, Tookiyoo fi kan kana fakkaatan fa□aa mitii ! magaalota kana keessatis mitii gamoowwan akka gamoo Sanaa□oor dhedheeratan kan arginu! Gamooowwan bareedoo magaalota kanneen keessatti arginu keessaa kan Vaatikaanii, kan Pirootestaantii, kan Aanjalikaanii, kan Musliimaa , kan Buudihaa faa mitii? Yuunivarsiitiiwwan amantaa kitaabota isaanii miliyoonaa waliin kan argaman eessa? Magaalota kan keessattii mitii? Yoom of dhoksan hojii Diyaabiloos ifaan kan hojjetanidha bari. Hooggantoonni , abbootiin waraanaa addunyaa ni hooggannna, abbaa alangaa ni taanaaf, ni gorsina, ni rukutna, ni diigna ni ijaarra jedhan hoo niikulerii, jeettii, miisaa□elii isaanii waliin asii mitii kan jiran? Magaalota kanneenittis mitii industiriin sagaagaltummaa, fiilmii, sirbaa, gaanaa kan guute? Buufata saatalaayitii dhaabbataa kan jedhamu abjuma kanaafii mitii kan ifaajan.

Meeshaaleen badiinsaa isin addunyaa ittiin unkurtan eega addunyaan uumamtee qabee ilmi namaa kan ijaarsisee minii? Niikulerii, niyuutiroonii, keemikaalii, baayoloojikaalii, misaa□eloota, jeettoota dinqii ta□an, dhuka□oowwan, taankota, madfoota, hawaa irratti ammo saatalaayitoota niikulerii hidhatan, saatalaayitoota carallaatti fayyadaman meeshaalee addunyaa irra deddeebi□ee balleessuu danda□u sassaabdaniittu. Itti fayyadamaas jirtu. s

Isin ijoolleen fincilaa obsa Waaqayyoo tuffattanii inni akka hin jirretti akka lakkoofatan taatan. Waaqayyo hin jiru jettanii akka amantaniifi amansiiftanis isin godheera. Waaqa jiraachuu isaawuu dagattaniiniirtu. Addunyaa hundatti biyyi sagaagaltummaan hojii itti hin taaneefi akka industirii itti hin dhaabanne jira moo? Ardii dhiisii galaannuu bilisa ta□uu hin dandeenye. Kan hoogganamtan seexanoota ardii fi garba keessa jiraniin qofaan miti. Bitaa dukkanaa qilleensaanis bararu dabalateeti malee.

Waan kana ta□eef hojiin keessan kun hunduu ni madaalame ni salphattan. Harras kaleessas akkakayyuu akaakilee keessan irraa qabee waggaa kuma torba(7000) osoo madaalamtan osoo safaramtan dabre. Galmee keessan

hundarra kan guute hojiin fincilaa keessan ulaagaa hundaanuu murtoo duqaa sinii dhale. Wanti aagiidhaaf siniin gahu sin keessaa soqamee dhabame! Kunoo murtoon bahu murteeffames.

Addunyaa dhagahi!! Egaa Itoophiyaan ati hin tuffatte sirumaas hin beenee Gooftaa hoomaa duratti ifaajeen ishee kan waggaa kuma torbaa(7000) yaadame. Jaalatamte. Waaqayyoon jaalateen injifattuu taate.

Dhagahi sanyii namaa!! Itoophiyaan hafuuraanis fooniinis kan hooggantu, kan bulchitu taatee Waaqayyo hunda caalaadhaan muudamte!! Gootonni amantii ishee kan akka aduu ibsan muudaman! Waaqa isaaniitiin jaalataman!!

Ati dhalootni dhiiga kee harcaastee, imimmaan kee facaastee, jilba keen jilbiiffatee, adabbii fi murtoo kee fudhattee dhiifamaaf geeche gofti harka kee Itoophiyaadhaaf kennita. Olkaquu Itoophiyaa argita! Ardii ebbifamtuu tanaaf ni gabbarta! Waaqayyo kana ni godha! Beekamaa ilma namaa! Gooftaan maqaa kabajamaa isaatiin kakatee jira. Nutis gabroonni amanamoon isaa chaappaa murtoo isaa harkatti qabannee jirra. Raawwachiisaanis karra keetirra dhaabatee jira. Akka allaattii naannawa kee si naannessa, hin miliqxu dahoonuu hin jiru.

Maqaa Gooftaa maccaa Waaqayyoo tiin, Maqaa giiftii koo Maaramii tiin nan siniif mirkaneessa. Xumurame! Cufame!

Raajicha Isaayyaas boq. 62

Maqaa Abbaa kan Ilmaa kan Hafuura qulqulluu

Waaqayyo sadeen tokkocha Ameen

Gooftaan hoomaa maqaan isaa haa eebbifamu!!!

Ummata koo kan Itoophiyaa keesaas jirtan kan Itoophiyaa alas jirtan kan lammummaa keessan hin dhiidne hundaaf! Lubbuu keessan biyya keessan jiruu keessan qabeenya keessan hunda irratti murteessaa kan ta'e murtii Gooftaa keenyaa fi dhufaatii adabbii isa dhumaa fi murtii fayyisuu isaa ergaa isa dhumaa asiin jiru irratti akka dubbiftaniifi ummata keessan hundaafis ta'ee sanyii namaa hundaaf akka geessitan maqaa Waaqayyootiin isin gaafadha.

Isaayyaas boq. 18

Ergaan kun warra akka haajaa isaaniitti laalaniifi jiruu isaanii keessatti yeroo murteessaa irra gahuuisaanii hubataniifi lolli Waaqaas isaan naasissee gara qalbii jijjiirannaatti isaan deebisuuf(akka saba Nanawweetti dafanii kan deebi'aniif) ergaa fayyiinsaa yoo ta'u warra tuffatuuf kanqeequuf kan ittiin qoosuuf kan ani beekaa dha jedhee kan of tuuluuf arraba qeeqaa fi baaltii isaa dursuuf; dhiisaanii ilma du'aatiif al tokko kan qaroo usaa dhabeef waan fedhan jedhaniiniyyuu hindeebi'u. Waaqayyoo keenya kabaja isaa waliin gad-bu'ee osoo dubbiseeniiyyuu hin dhagahu. Abiddaaf kan barreeffame abiddaafi. Itoophiyaa fi addunyaa gaarii isaanii hin argu ! Bara eebbaa isa dhufuuf hin gahu! Kanaafuu nama hundaafuu addunyaa kamittuu bittinneessaa! Jecha murtoo ti ! Geessaa ! Beekee haa fayyu ! Beekee haa dhumu beeksisuu qofa dirqamni keenya !!

Far. 71:

¹⁵ Afaan koo qajeelummaa kee in dubbata, lakkoobsa gochaa kee yoon hubachuu dhabaadhe iyyuu, fayyisuu kee guyyaa guutuu nan hima.

¹⁶ Yaa Waaqayyo gooftaa, hojii aangoo kee ol fuudhuudhaaf nan dhufa; qajeelummaa isa kan keetii duwwaas jajuudhaan nan yaadadha.

¹⁷ Yaa Waaqayyo, mukummaa kootii jalqabdee ati ana barsiifteetta; ani immoo amma iyyuu gocha kee isa dinqisiisaa nan labsa;

¹⁸ irree kee dhaloota amma jirutti, aangoo kees dhaloota dhufu hundumaatti hamman himutti, dulloomee mataan koo harrii yoo ta'e illee, ati ana hin dhiisin, yaa Waaqayyo!

Waaqayyo Gooftaan maccaa kan galatoome haa ta'u. Biyya teenya Uumaam keenyaafi fayyisaan keenya, haadha isaa Dubroo Maariyaamiif ijoollee eebbaa godhee; ardittiis Gooftaan nuuf kenne kan galatoome haa ta'u. Adabbii fi barsiisuukan abbummaa ta'ee isaatiin ayyaana isaatiin haguugaa nama akka taanuuf kan nugorse, kan daandiirra nu durse, kan nu jiraachise Gooftaa keenya arjaaf galanni haa gahu. Waaqayyoo Abbaan, Waaqayyo Ilmi, Waaqayyo Hafuurri Qulqulluun, Waaqayyo sadeen tokkichi kan galatoome haa ta'u Ameen !!

Gooftaan maccaa kan ture kan jiru kan jiraatu kan jiraachuu irraa gara jiraachuu dhabuutti jijjiiru jiraachuu dhabuu irraa gara jiraachuutti kan fidu ifa namuu itti hin dhiyaanne keessa jiru kan galatoome haa ta'u !!

Ummata Itoophiyaa na dhagahi ! Hubadhu ! hunduu dhumate sa'aatin murtiis ga'e.

Yeroon haftes dhumatte; Sa'aatiin firdii dhumaa inni Gooftaan Uumaan keenya

Itti ifa bahuu ga'e!

Kan nu jaalate addunyaa hunda fuuldura kabaja isaatiif nu dhaabuuf baroota hedduu duraa qabee akaakayyuu akaakileen isaanii kan kafalan, kan itti ifaajan, kan ittiin amanaman nu'i ijoollee kafaluuf kan jaalatee Waaqayyo Abbaa, Waaqayyo Ilma, Waaqayyo Hafuura Qulqulluu, Waaqayyo sadeen tokkichaaf baraa hamma baraatti kan galatni isaaf haa galu.

Ummata Itoophiyaa Waaqa duratti jaalatameef !!

Amantii kee Tawaahidoon kan cimte rakkina kan unatte !!

Haadhumaa Dubroo Maariyaamiin kan amantee fi kadhattummaa ishee haadha.biyyummaa isheetiin amanamteef !

Ummata koo kan salphinni tuffiin dhabuun dhiibamuun ajjeefamuun reebamuun hidhamuun kun hundi oso si hin injifatin waaqa keetiin amanamtee dhaabattee imimmaan kee buusteeff nagaan siif haa baay'atu;Dhiigaa fi lafee kee kan gabbarte obboleessa jaalatamaa koo; saba koo kan ardii qulqulleetti tana irraa waliin biqille; Gootota amantaa Gooftaa maccaa kan bosona hallayyaa maratti kan raakamtuuf!!

Ummata koo, kan Bataskaanaa yeyyiidhaan kan ari'amtan hundaaf, inni kuun yoo nyaatu kan dhaabattanii ilaaltan taatanii warra saba koo qofa jedhaniin, sagaagaltoonaan, ajjeeftotaan, dhartuuwan uffata amantaa uffataniin kan dhiitamtan, mannii fi qabeenyi keessan saamamee, bultiin keessan diigamee, kadhannaaf kansaaxilamtan!

Obboleewwan koo kan hoomaawwan Musliimaa, Pirootestaantii, Kaatolikii, Warra ayyaanaa kanneen akka aramaa gannaa bakka hunda biqilaniibittinnaawanii fi biqilanii furdaawanii bokokaniin rukutamtan, salphifamtaniif!

Garaa waageffattoota inni mootummaa jedhamukun walitti qabeen yeroohunda kan dhiibamtaniifi cinqamtan hundaaf!

Sa'aatiin gahe firdii keessan Gooftaanhoomaa akka aduu bahu qabatee kunoo murtiif karra keessan irra dhaabaterra. Gammaduu yaada laphee keessanii qopheessuu sin.irra jira. Ummanni keenya hedduun guyyaa isa gaarii ilaaluuf hawwaa fedha Gooftaa hin taane waan ta'eef darbaniiru. Biyya isaaniif amantiif isaaniif ummata isaaniif cingamanii dhiphamanii isa bulchaa dukkanaatiindhiitamanii gaddanii gara Gooftaa keenyaan hammatamuutti deemaniiru. Har'a lubbuudhaan kan jirrus hidha Diyaabiloosiitiin hidhamneerra. Beelaa fi rakkoof, du'aaf raakamuuf, hidhaaf godaansaaf ramadamnee funcaa ima kanaan jiraanneerra. Baay'een keenya Gooftaan keenya ture jennee abdii kutannee diinaaf hanga jilbiiffachuu geenyeerra. Hoolotii raakamoo tiksee hin qabne taaneerra. Irbaata yeeyyiis hanga ta'uu geenyeerra. Ummata koo! saba keetiin adda baafamtee dhiitamteerta, amantaa keetiin jibbamteerta, biyya keetti akka diinaatti ilaalamteerta, warri biyya tana hin beekne badii isheetiif kan ifaajaniifi akaakayyuu fi akaakilee isaanii irraa eegalee ishee balleessaa kan bahan abbaa waan hundaa tahaniiru. Waan hunda dhaalaniiru, qabeenya horii sassaabaniiru, ijaaraniiru, gara lafa warra adiis erganii kuusaniiru. Namuu nu hin tuqu jedhanii ofiiisaanii gamoo fi dahannoo keessa dhoksanii taa'aniiru. Waraana isaanii, jeettii isaanii, taankii isaaniitti amananiiru; jaalota isaanii Awurooppaa, Ameerikaa, Chaayinaa, Hindiitti amananiiru.

Ummata koo lammiilee Itoophiyaa! Biyyi teenya dahoon teenya Itoophiyaan akka badduuf ijoolleen ishee ishee jaalatanis amantiif isaaniirraa akka hafan murtaaweehojetamuu erga eegalamee baroonnifi waggoonnii hedduun dabraniiru.

sabni koo kan Ummata tokko, amantiif Ortodooksii Tawaahidoo tokko, Biyyattii takka, Alaabaa Magariisa Keelloo Diimaa takka jedhee amaneefi kanaanis cime yakkamaa dha; waan ta'eefis ni ari'ama ni ajjeefama ni hidhama yoo tarreessan baay'ee dha. Eenyumaan kee inni dhumeef fi caccabe kan ni mul'isa waan ta'eef!

Waaqayyoon obsi isaa jalaa hin dhumne amma garuu obsi isaa dhumatee gahe! Foon keenyaanis kan amanneefi gurmeessineen bittinaahan. Abdiin keenya dukkanaa'e. Waan kana ta'eefis ogummaan itti amanamu hunduu dhumate; kanaafis Gooftaan keenya kana ilaale obsi isaa dhumateera! Harka fayyisuu isaa kaase; murtoo isaa akka aduutti baasuuf samii irraa bakakkisuu jalqabe !!

Abdii kee lalisi yaa ummata koo abbaan kee Gooftaan inni amanamaan gaheera !

Far.73(74):

¹³Atiaangookeetiingalaanagargarhirtee,mataabofootaasbishaanirrattiincaccabsite.

¹⁴Atimataabaay'eeisakanjawwichaguddichaainhurreessite,ummatootaltoophiyaatiifis nyaataisaaniilaatteef.

Haleellaan Mana Kiristaanaa Tawaahidoo Itoophiyaa

Eessaa ka'ee akkamitti garam

Bataskaana Tawaahidoo Itoophiyaa keessatti dahattanii ajajaarraa hanga ajajamaa kan jirtan hundaaf !!

Hoolota Waaqayyoo qaltaniirtu; nyaattaniirtu; bineensaaf laattaniirtu; gugurtaniirtu, jijjiirtaniirtu, garaa keessaniif, kabaja keessaniif, maallaqa keessaniif dhugaa waaqayyoo jijjiirtaniirtu. Bataskaanatti walgeechanii yeroo hunda madaa Gooftaa waraantu. Maqaa giiftii teenyaatiin nagaddu, ni qoostu, hojjetu siyaasaa taatanii, hojii.hafuurawaa fi tiksummaa siniif kenname hojii Qeesaariif jijjiirtaniirtu. Ni ajjeestu ni ajjeesiftu.

Mana Kiristaanaa Foon Waaqa keenyaa itti muramu dhiigni isaa itti jigutti Hoolotiifi ilmaan isaaniis hunda qaltanii nyaattaniirtu! Siruma yeeyyii taataniirtu. **His boq. 34**

Kanaad tokkoyyu hin miliqhan; garamuu dahannoo hin qabdan;baay'isee ni dhiitamtu kan walitti qabdan abiddi ni nyaataan ! Sanyii keessaniif maqaa keessaniif kan hafu hin argattan akka daaraaf awwaaraa ni bittinnooftu !!

Ani Tahaaddisoo dha! Ani Tsaggaa dha! Ani qibaatii dha! Jechaa Hafuura Qulqulluu waaqayyoo irratti kan qoostan kabaja Giiftii too hir'isuuf kan ifaajjan, kafaltii jaalalaa Gooftaa kan xinneessitan isin yaa ljoolllee Diyaabiloos! Akka marga yoo aduun dhahu baduu ni gogdu ! Abiddaafis ni gatamtu !!

Waaqayyo tikseewwan amanamoo isaa fileera! Qopheesseera ! Muudeera ! Mana isin diigdan ni ijaara. Tawaahidoo Ortodoksiin ni ijaaramti. Irra deebitew akka aduutti ni ifti. Ati yeeyyiin, ilmi seexanaa ni haramta tokkoon keetiyyuu hin haftu !!

Tawaahidoo Ortodooksii haadha amantii dhugaa malee iddoo walgahii bineeyyii hin taatu !! Qulqullini inni duraa mana Waaqayyootii eegala ! Abiddi si sakatta'a; Abiddi si calleessa; kan facaafte ni haammata !

Gootonni amantaa isin ariitaniin, kan hiitaniin, fixxaniin, bakka dhugaatti isin gaafatu; Gadaamiifi Bataskaanonni isin abiddaan gubdan gatii daran qaalii isin kafalchiisu !

Diyaqonoonnifi Qeesonni, Manakusoonni, Phaaphaasonni har'a Diyaabiloos eebiftaniifi galateeffattan, foon keessan furdiftanii arraba keessan mi'eeffattanii saalfii malee kan jirtan hundaaf eessayyuu seentanii jalaa hin baatan; adabbii hamaa, cimaa ni fudhattu.

Manni Waaqayyoo niijaaramti; jeedala, ilbiisa irraa ni qulqulloofti, seenaan ishee ni deebi'a. Kabajni ishee ni haaroma; hambaan ishee walitti ni qabama, muudamtoonni fi gootonni amantii bakka itti ari'amanii, itti hidhamanii, itti gatamanii kabajaan fi eebbaan ni deebi'u, ni fayyu, ni suuphamu, akka biiftuutti ni ifu.

Ijoolleen Ortodooksii Tawaahidoo isaan dhugaa ni fayyu ! Ni suuphamu ! Badhee lalisaa irra ni bulu ! Tikseewwan amanamoon ni eegamu !!

Waaqayyoof amanamtanii, Giiftii Maaramiin cimtanii, tajaajilaaf cimtanii, hojii daldalaa fi bittaa iraa fagaattanii, jecha isaaf kan cimtan isin homaa miti jabaadhaa! Gatiin keessan harka waaqayyoot jira. Ni iftu! Ni ibsitu!

Amantii Tawaahidoo bu'aa foonii keessaniif kan gootan gara buufata daldalaatti kan jijjiirtan wayyoo isiniif !

Raajicha Amoots boq. 2 lakk. 13 -- 16

Sababa arraba keessan isa mi'aawaaf ummata duratti kan ulfooftan keessi keessan

fincila fi saamuun kan guutame Gooftaan onnee fi kalee qoratu firdii keessan akka biiftuutti ni baasa !

Nama duratti kan kabajame Waaqa duratti ni tuffatama. Namaan kan tuffatame Waaqaan ni kabajama. Akka namni laalutti Waaqayyoon keenya hin laalu; laaless hin beeku. Akka namaa bifa alaa, bareedina, haala uffannaa, haala dubbii hin ilaalu. Inni kan sakatta'u onnee fi yaada dha. Murtoon isaas kan hundaawu kanumarratti hundaa'eeti. Waan kana ta'eefis inni jaalatan yookin raggaasisan ni kufa. Kana faallaan kan isin tuffatan ni ragga'a.

Daawit kan daararraa kaase, Saamu'eel isa xinnaa Eeliifi ijoollee isaa kabajamoo mannaa kan filate, Abrahaamiin waqeffattoota fakkii edduudhaa filatee kan baase, Ergamoota bakka ittiqabanii kan filate, hojii qaraxaa isa tuffatamaadhaa kan waame, seera beektota isaan kabajamoo kan ta'an Gamaaliyaal faa kan hin yaamneefi hin filatne Waaqayyoon yaadni isaa yaada keeny irraa kan adda ta'eedha. Itoophiyaa teenyattis kan ta'u kanuma. Tuffataman beekumsa isaaniitiinis, jiruu isaaniitiinis, waan hunda isaaniitiin hagas mara warri hin taane filataman !! muudamanii amanaman ! filamnoo Waaqayyooti. Akka mormitaniin hin danda'amaayii ! Maalis waan taataniif ! Hundumaa gara fuulduraatti ilaaluun fooyya'aadha !

Kanaafuu sa'aatii gaariitti yeroo waaqayyoon nu daawwachuuf dhiyaatetti warri jajal'oon ni badu ni haramu !

Hooggantoonniifi tikseewwan Bataskaan Tawaahidoo Ortodoksii har'aa dhagahaa. Yeroon dhume; kan facaastaniif yeroon haamaa gahe ! Inni haamus kunoo karra keessan irra dhaabate ! Ariitiin kufi hin miliqxu waan taheef !

Hoolotii fi tikseewwan waaqayyoo kan Gooftaadhaan amanaman kan jaalatamaniifi jecha isaaf kan amanaman Phaaphaasiirraa hanga Diyaagoonii kan jiran Gadaamiwwan Manneen Kiristaanaa baadiyaarti barsiisuun Qinee, Digguuwa, Zeemaa Aqquwaaquwaamii, barumsa amantii Tawaahidoo gargaraatiin ijaaranii baaduu irratti bobba'an guurtanii balleessitaniirtu. Akka keessanitti Waaqni hin arguseetan. Amma garam miliqxu ! Guyyaan xumuraa ga'e. Hojiin keessan sin hordofe. Hin miliqxaan murtoon Waaqayyoo dabreera. Kan facaafan ni haammattu.

Hin dheessina, hin miliqna jettanii hin yaadinaa; kun dur hafe. Ammaan booda nammi miliqee kan bahu gara Itoophiyaa dhufee dahachuun qofa. Kanaafuu baqachuun garam ! Isin dahannoo ni ta'u jettanii kan gurmeessitaniin Baabiloon(Ameerikaa) faan, Awroppaa faan, yookin Eeshiyaa , Arabiyaanis hunduu asittis qulqullinni ni gaggeeffama. Dahannoon eessa bira ! Mataa keesaaniifi hojii keessan qabattanii harka Waaqayyootti firdii isaa eeggachuu qofa. Warri isin waliin hojjettanis carraan isaanii keessan iraa ni hammaata malee adda miti. Dahannoonhin jiru, hunduu fe'amee dhufeera.

Eermiyaas 23: 1 -- 6

Haa gahu! hordoftoota amantii pirootestaantiif

Qalbiidhaan dhagahaa

Isin warri meeshaa itti fayyadama diinaa carraan keessan baay'ee rifachiisa. Itoophiyaa keessatti hundee amantii biyyattii diiguuf eenyuyyuu caalaa kan ifaajjan isini. Biyyi teenya Itoophiyaan ergama badiinsaan daran qoramteerti. Teessuma tooftaawaa biyya tanaa kan Waaqayyoodhaan karoorame ***** qaba. Itoophiyaan ! Giyooniin kan.marfamte, olka'iinsi sirrii galaanaa irraa jiru kan mudhii lafaa osoo marsitanii essattiyyuu hin argine isa olaanaa irra kan jirtu, haala qilleensaa adda ta'e kan ikooloojiin biyya kamiyyuu hin qabne gosa ***** kan hammaate, kan biqilchite biyya jireenya ilma namaaf mijaahina qabdu dha. Ummanni ishees ***** gaariidhaan dha. Sammuun isaa Waaqayyo uumamaan kenneefis barumsaaf kan ijaaramedha.

Isin ammoohawaasuma kana keessaa biqiltaniirtu. Qamadii keessa aramaan akka biqilu, dukkana ***** keessa aramaan akka baay'atu, biyyattii uwwiftaniirtu. Sirna isa balleessaa waliin taatanii biyyattii ni diigdu, ummata koo lammii Itoophiyaas ni hattu, harkaaf miila isaa ni hiitu. Hojjettoota diyaabiloos ***** mootummaa amma jiruu fayyaddanidha.

Biyyi qulqulleettiin isin tuffattaniin tun biyyaa qabeenya Giiftii teenya Dubroo Maariyaamiiti, afaan keessaniin yeroo hunda ni arrabsamti, bakka bu'ummaa Diyaabiloosii keesaniin Ergamtoonni Qulqulloonni.gad qabamanii ilaalamu.

Gooftaa ardii fi samiin hin baanneen, Gooftaa isa abidda gubaa uumu, gadaamessa isheetti kan baatte Nafsee isheetiin kan dabarsite dhiiga ishee kan kennite Haati tun isiniin qeeqamti, arrabsamti, gad qabamtees ilaalamti.

Amantiin Ortodooksii kabaja ishee waggaa kuma lamaa(2000)f kabajjee, hammaatee, ittiin eebbifamtee, ittiin jaalatamtee jiraatte duula keessaniin rukutamteerti. Weedduu galataa ishee isa guyyaa, ji'a, waggaa mara osoo hin dhaabatin akka lagaa dhamgala'u, Qiddaasee fi MaahileetiiWaaqayyoo, haadha isaa Dubroo Maaramii, muudamtoota Gooftaa kabajjee kan galateeffattu Tawaahidoo diiguuf eega duultanii umriin keessanis kan safaramu fincila ulfa irraa hanga guddina keessan ammaa hojjettaniinidha.

Dhaaba amantaa isa kami ! fageenya baraatiinis ta'ee, amantaaf cimanii dhaabachuu, harka isaatti dabruu kan arge ! Amanyii Tawaahidoo Ortodooksiin alas kan raawate kan raawatus eessa kan jiru ! Yaa meeshaalee Diyaabiloos kan baranaa dhagahaa ! Jecha Waaqayyoo eenyu kabajjee jiraachises kan isin gad qabdan !

***** Qinee, Maahileetii iaa akka fixeensa Eermoon'eemitti cobu isa akka bishaan burqaa dhangala'uun Waaqayyoo ishee kan galateeffattu amantii Tawaahidoo Ortodooksii kan fakkaatu fidaa mee !

Gochaanis hiyyeessi kan itti dahatu yeroo gadda isaa! Kan itti Gadaamii isheettijiraatu umrii isaa guutuu kan Waaqayyoo isaatti of bulchisiisu foon soomaandadhabsiisuuf guyyootii 365 keessaa isa 2/3ffaa isaa soomaaf ramaduun gaamara foonii hafuuraaf bulchisiisuuf **** sirna hafuurawaa kan tolchite Tawaahidoo Ortodooksii dha.

Isinis KaatoolikiinisIslaamnis amantii nan qaba uume kan jedhu hunduu waraana isaa hidhatee tutuffatee cabiinsa hafuurawaa fi foonii geessee duula isaatiif Diyaabiloosiin weeddifamee jiraateera jiraattaniirtu.

Har'a garuu gahe ! Qunnaa ati safarteen harka kudhaniin safaree na si hara. Waaqayyoo Gooftaa hoomaa, ilma Giiftii teenya Dubroo Maariyaamii fi chaappaa dhiiga isaa harkatti kanan qabadhe, muudamtoonni amanamoon jaaltamoon Waaqa hunda caalaa Mikaa'elii fi Gabr'ieel waan hundaaf dafanii kan naaf gahan, dallaa abiddaatiin marsanii, kan na eegan jaalle isaanii amanamaa dha kanaanis kanan boonudha. Ani gabricha Waaqa hunda caalaa kan ajaja Waaqayyo kootii, Giiftii kootii, ajaja jaalota kootii raawwachuuf raawwachiisuuf dhaabadheni yoo jagnumma qabaattan na eegaa herrega ni herreeganna kana hin shakkina anarraa dhiifama hin eeginaa. Akkuma qamadii keessaa aramaan buqqifamu ardii Itoophiyaa irraa siniifi hojii keessan mallattoo keessan balleessuufi haruun hojii kiyya isa ijoo dha! Kanan jiraadhu kanaafi. Yeroon dhumeera anis si maddii dha; si gidduun jira. Ana qofaa miti. Gabroonni fi ijoolleen amanamoon Waaqayyo hunda caalaa chaappaa dhiiga isaa kan harkatti qabatan si edduu dhaabataniiru. Ija keessaniif hin guunnu kufaa dha nuyi, foon keenyaan kan gaamarredha. Amantii keenyaan Waaqni keenya arjaan ayyaana isaatiifi abiddaan marsee kan nu eegudha. Ati hunduu qophooftaafi mudhii kee hidhattee nu eegi ! Kan itti amanamte hunda ni ilaallaan akka aaraatti yoo hurkaawus ni ilaallaan waliinis ni hurkita nuyi re'ee fi hoolaa kan waliin tiksini miti; kan waamamne tiksummaa hoolotaa qofaafi. Kan amanamnu ummatolta Waaqayyootiifi. Gatteettii diina baatu hin qabnu !!

Raajicha Hisqi'ieel 13 : 17 -- 23

Amantii Islaamummaa keessa kan jirtan hundaaf !

Ummata Waaqayyoo fixanii, mana isaa diiganii, jibbiinsa hamaadhaan guutamanii, ummata Kiristaanaa irratti duulanii, jiraachuun ni danda'ama jettanii fageenya hedduu deemtaniiru! Hanga ammaas deema jirtu.

Ardii Itoophiyaatti fayyaalessumaa fi gaarumaan keessummeeffamtanii osoo jirtanii gad fagaattanii keessumummaa dagattanii, amantii lubbuu hin qabne keessan kana lafa qulqulleettii teenya irratti diriirsitanii magaalaa fi baadiyaa biyyattii toora faayidaa keessanii gootanii, wal hortanii ulfooftanii, manaaf horii ijaarrattanii, ummata Waaqayyoo badheerratti darbitanii, qabeenya isaa weerartanii, teessaniirtu. Kunis sin hin geenye ummata Waaqayyoo baay'atan ajjeestaniirtu ! Dhiiga qulqulluu daran hedduus dhangalaastaniirtu. Akka nama sirrii godhee akka abba mirgaas ni boontu. Ummatni Itoophiyaa inni biyya mataa isaatti dhiibame garuu murtoo Waaqayyoo.eeggachaa ture. Mootummaan badiinsaa jiru sin deeggaree hunda raawataa taataniirtu. Dhumaatiin addunyaa irratti mul'atu barsiistotuma badiinsaa keessaniin kan daandiinsaa baafamedha. Namuma keessanirratti du'a murteessitanii ! Tokko mankaraarsaa ! Kuun Alaalii ! Tokko Sunii kuun Shiyaat ! Akkasumas Wahaabiyaa kan jedhamuufi qajeelfama badiinsaa garagaraa hidhattanii hojii keesan Diyaabiloosii adda durummaadhaan raawwachuu irra jirtu. Ergamni badiinsaa keessan kan waggaa kuma tokkoof dhibba afuriif saddeettanii lama dabarse ni mancaafama. Mallattoosaa waliinis ni harama. Isin fedhaa fi yaada waaqaa irratti kan duultanidha ! Diinota dhugaa ti ! Waan ta'eefis Gooftaan murtii keessan akka biiftuutti baaseera. Akkuma waaqeffattoota fakkii isaan biroo carraan keessanis fuula lafaa irraa haramuu qofa.

Lafa Itoophiyaarra jiraachuu mitii mallattoon keessanuu hin argamu. Hin mul'atus. Kan ta'us kanuma.

Biyya takkittiin Itoophiyaan isheen guddittiin ni ijaaramti ni kaati !

Ummanni tokkichi inni guddaanii fi kan jaalatame Waaqayyoodhaan kan amaname ummanni Itoophiyaa addunyaa guutuu duratti ni mootoma; akka ejersa lalisaatti ni daraara !

Amantiin takkittiin Ortodooksi Tawaahidoon qofti lafa akka aduutti iftu ni taati !

Itoophiyaa ishee ittiin ijoolleniifi gabroonni amanamoon Gootonni Ortodooksi Tawaahidoo Waaqayyoo kanneen addunyaa guutuu kirkirsanii fi seera Waaqayyootiin hidhanii bitan ni argitu ! Kana kan argan ammoo sin keessaa gaabbanii kan deebi'an qofa ta'u. Ragumaadhaafis ni dhaabatu.

Kanaafuu bakka itti boontanitti ta'aatii eegaa !! Kan hubattan ammoo amantii Ortodooksi Tawaahidoo ishee dhugaaf har'a bor osoo hin jedhin osoo

sinitti hin dukkanaa'in harka kennadhaa ! Harka Waaqayyootti kufaa ! Kan biraa hoomtuu wanti gochu dandeessan hin jiru. Lameen keessaa tokko filachuu qofa. Du'a bara baraafii du'a fooniitis. Yookis ammoo jireenya bara baraatiifi fooniinis eebbifamuu ! Akkasumas ilma Waaqayyoo dhugaa ta'uu ! Kanaan alatti karaan biraa hin jiru. Nutis ajaja isaa raawwachuuf humnoota ifaa Gooftaa kewnyaa waliin dhaabanneerra. Dukkanni ni bada ifni ni mootoma; tokko bakk jirutti faallaan inni biraa hin jiraatu !!

Qalbiin dhaggeeffadhu ! Ilmi namaa hundi !!!

Waaqayyoo Abbaan abbaan keenya, Waaqayyo Ilmi abbaan keenya, Waaqayyo Hafuurri Qulqulluun abbaan keenya, Waaqayyo sadeen tokkichi Abbaan keenya maqaan isaa haa eebbifamu ! Ameen !

Waaqni keenya kan obsa yeroo dheeraa booda murtoo qajeelaa isaa akka aduutti baase kan galatoome haa ta'u. Maqaan isaa haa eebbifamu !

Gooftaan keenya bara dhiifamaa kuma lama (2000) arjoome; fincila keenya qadaade; uwwise; obse. Ijoolleen amanamooni isaa yoo *****man, bineensaaf gataman, miidhagina dirree taphaa fi du'aa fi raakama isaaniitiin gammaduun akka bohaartitti ta'ee yoo dabru(Istaadiyeemiin Kolaasiyes kan Room keessatti argamu ragaa har'as dhaabatee jiru dha.) Gooftaan cal jedhe. Gooftaan jecha afaani isaatii bahu beeku hanga waancaan guutitti eege. Akaakayyuu akaakileen keessan akaakileen akaakilee keessaniis dhiiga hoolotii Waaqayyootiin yoo laaqaman biyya yoo ijaaran mootummaa yoo babali'isan; qabeenya yoo sassaaban fincila isaaniitiin yoo itti dhiiban *****dhaan obse.

Ijoolleen boficha duraa fincila isaaniitiin itti fufan; dhugaa balleessanii, jecha Gooftaarraa bahe jal'isanii, fedha foonii mataa isaanii dabalanii, hirrisanii, dhugaa kan ragaa bahan tuffatanii, balleessanii ari'anii, bakka isaatti asoosama Diyaabiloos barsiisan. Isinis ijoolleen isaanii isaan caalsiftanii raawwattan; ogummaa fi mala ammayaatiin addunyaa guututti tamsaastan. Aramaan yoo itti tole midhaan liqimsa; yeroo dukkanaa hattuufi dhartuutti tola. Waan kana ta'eefis hojiin dukkanaa keessan kan bara 2000 ture, humnii fi beekumsi keessan hanga eeyyametti, Diyaabiloosis beekumsi isaa hanga gahetti, hojii badii keessan, nuuf tola kan jettan hunda hojjetan xumuratan. Har' garuu gahe; barri keessan xumurame. Barri hin darbine, hin dhumne sinitti fakkaate dhume. Gara seenaa ta'uutti ni ceetu.

Dubartootaa fi bara kana. Akkasumas carraa isaanii isa dhufu !

Waqtii ammaatti addunyaa guututti ifa bahee kan mul'atu hojiin Diyaabiloos kan itti ibsamu inni ijoon sagaagalummaa dha. Ejjiinsi bara kanatti arginu siruma safuu kan qabnee fi ardii teenya irratti dhaloota kamirrattiyyu kan hin mul'annee fi gara fuulduraas sirumayyuu ni mullata jedhamee kan hin yaadamne dha.

Gocha sagaagalummaa kana keessatti bifa daran hamaa ta'een itti lixaniifi kufanii kan argaman dubartoota. Dinqisiifannaan, weedduun, barreeffamni asoosamaa, fiilmiin, sirbi, dhaabbanni hoteelii, cinaacha bishaanii, ardiin, galaanni guutuu addunyaa jiru hundi fixamee dhume, manni Waaqayyoo osoo hin hambifamin lafa irratti iddoon banaa tokkoyyuu osoo hin dhiifamin hunduu gocha ejjuu(sagaagalummaa)tiif bakka babal'ifama, gurmeeffama, raawwii, gara sadarkaa hamaatti itti ceesifamu ta'aniiru. Kun hunduu dhugaa aduun itti bahedha. Hojii kanaan dubartoonni eddoo isa ijoo qabataniiru. Nafa isaanii qullaa taasisanii guyyaa aduu dhaan jooruun nama hunda kajeellaa fooniitiif affeeru. Qaama saalaa isaanii saaxila baasuun miira kajeellaa foonii dhiirotaa dammaqsuuf ganamaa hanga galgalaa ifaaju. Mirga dimokraasiiti seera Diyaabiloos jedhuun qajeelfamuun nafa isaanii ni gurguru. Madda galii godhaniinii jiru. Hooggantoonni namoonni beekamoon hundi gocha sagaagaltummaa raawwachuun isaanii akka yeelloo(safuu) kan itti dhagahamuu miti. Diyaabiloosiin kan muudamani waan ta'eef ! Kanaafuu sagaagaluun(ejjuun) dalagaa guyya guyyaa ti. Seeraa fi ajaja Gooftaa Waaqayyoon keenya hin ejjin jedhe cabsuun ganamaa hanga galgalaa raawwachuun gocha baratamaa ta'eera.

Mudaa gochuu fi raawwachuu irraa saalfachuun hafee ***** Gooftaan keenya hin ejjin jedhe akka mudaatti lakkaawameera. Dubartiin gaahilaan murteeffamte nafa ishee dhoksatte akka kuftuu beekumsa hin qabneefi hin qaroomne jedhamtee lakkaawamteerti. Dhiirri hin ejjines akka gowwaatti eega lakkaawamee ture.

Dhiiraa fi dhiirri, dubartiifi dubartiin kajeellaa fooniitiin eega gubatanii, hojii Sadoom dachaa hedduun caalanii erga argamanii ture; cufaa akka mirgaatti lakkaawameefii jira. Ni wal fuudhanisi; Phaaphaasiin fi Qeesiin Bataskaana nan hooggana, nan barsiisa, amantoota gara dhugaa nan deebisa jedhu iyyuu Gocha sadoom kan raawwatu ta'ee argame. Akka gocha sirriittis lakkawuun addababaayiitti ittiin falme.

Biyya koo Itoophiyaatti gocha ejjuu(sagaagaluun) daran hamaa raawwachuuf raawwataanis daawwataanis hunduu kan ilaaluun gocha hin dhokfamne jan eeyyamame ta'eera.

Mootummaan keenya waa'ee warra gocha Sadoom raawwatanii yoo gaafatamu, deebiin inni deebise, mirga heerawaa isaaniiti, hin dhoorkinu kan jedhu ture. Deebisee mataa isaa dinqisiifatumma gochichaa irraa dhoksuuf, Manni Kiristaanaa haa dhaabsiftu malee ana na hin galchu alkallattiin osoo hin ta'in ifaan gochumti kun akka babal'atu taasiseera. Dubartoonni uffata dhiiraatiin faayamuu kan dhoorkaman, jechama seexanaa mirga keenya jedhuun oofamuun namuu nu dhoorkuu hin danda'u jedhanii gochichaan eega camadamanii turan. Dhiiricharraas sirumaa kan adda hin baafamne ta'aniiru. Surii(kofoo) biras dabranii nafa isaanii guutuu agarsiisuun ganamaa hanga galgalaa roobaafi aduu osoo hin filatin yoo jooran ni qalbeeffatamu.

Seera Keessa deebii boq. 22 lakk. 5

Sagaagalumman mudaa ta'uun isaa hafee sagaagaluu dhabuun mudaa ta'e. Dubartiin takkayyuu kabaja ishee waliin turuu eega eega tuffattee turte; kabaja ishee eessattuu gatuun qaroomina ta'e. Madaallii kamiinuu karaa kamiinuu dhaloota ejjaa(sagaagalaa) fi qoosaa kanaaf nahuun daran ulfaata. Hammeenya keessan addunyaa waliin gahee jira. Waan kana ta'eefis abbaa keessan Diyaabiloos waliin ni haramtu. Waan dansaa fi qajeela osoo raawaattee siif malee Waaqaaf maal isa fayyada ! Maalis dabalaaf ! Hamaas yoo dalagde kan miidhamtu si'uma malee kabaja Waaqayyoo irraa wanti ati hirristus maaltu jira ! Kanaafuu lakkoofsi kee baay'atee baay'achuu baatee homaa hiikaa hin qabu. Akka bara Noohii ni haramta ! Yaadadhu ! Carraan kee akka ummata Sadoom ni ta'a.

Lafa Itoophiyaatti, namni uleen adabbii isin caalu irra gahu hin jiru. Dahannoonis hin jiru ! Sa'aatiin ati maaloo osoon uumamuu baadhe itti jettu gaheera balleessaan keessan karra karra keessanirra dhaabateera. Waaqayyoonis ardiinis sin tufeteerti.

Sagaagaluu(ejjuudhaan), sobaan, hammeenyaan, hattummaadhaan, lubbu balkeessummaa dhaan, kan faalamte hojii keetis kan goote dhiiras taatee dubara abidda Waaqayyootiin ni calleeffamta. Namuu kan miliqu hin jiru. Bara isa gaarii kan argan kanneen seera Waaqa isaaniitiin qajeelfaman, jiraatan, yoo lolaman dafanii kan qalbii jijjiiratan, qofa dha. Si dhaloota balleessaa dhaa gara balleessaatti lixuuf, lolaa fi gorsa tuffatteef, ati kan baddeef, ilmi dukkanaa hojjisaa dukkanaa'aa waliin dukkanichi yoo haramu waliin dhabamsiifama. Ilmi ifaa immoo addunyaa ifaatiin eebifamee jiraata.

Sagaagaluu(ejjuudhaan), sobaan, saamuudhaan, ajjeechaan, haadhaafi abbaa salphisuun, hannaan, kana hundaan ogeessomtee kan turte jaarsi, dargaggeessi, jaartiin, hundumti kee ni sakatta'amta, ni calleeffamta, salphattee yoo argamte gara abiddaa ni gatamta. Kan miliqu ammoo kan ati tuffatte, kufaa kan gooteen, yakka ati hojjetu irraa kan fagaatee fi garaa isaatii kan qalbii jijjiirate ta'a. Firdii ifaa kan mala kamiinuu jalaa hin baane ni fudhatta. Hunduu balbala keerra jira. Yeroonis xumurameera.

Fakk. 6 : 26 -- 35

Roomaa boq. 1

Hisqi'eel 16 : 31 -- 34

Fakk. 7

Lammiilee Itoophiyaa biyya alaa jiraniif!!

Yaa ummata keenyaa kan biyya alaa godaansaan jirtan kan osoo biyya teessan jaalattanii rakkinaan deemtan mallattoo rakkoo kan ta'e lammuummaa keessan hin gatin hin jijjiirin ijoolleen Waaqayyoo fi Immiyyee Maaramii yeroon waan dukkanaa'eef mataa keessan akka Looxiitti magaalaa Sadoom keessaa miliqsuuf Waaqa Uumaa keessan waliin ciminaan dubbadhaa, Giiftii koo gaafadhaa, yeroos hin balleessinaa !

Balleessaan adunyaa guutuutti bakka hundatti ajajamee balbalarra dhaabateera waan ta'eef !!

Ka'iinsi biyya keessanii kunoo akk biiftuu ifuufi. Ijoolleen Immiyyee fi Tawaahidoo Ortodooksoonni dhugaa homaa miti Gooftaan keessan dhaqqabeera. Karrarras dhaabateera of keessan qopheessaa yeroon hin jiru ! Of hin dagatinaa xumurameera. Harka biraatiin lammii. Itoophiyaa kan turte Itoophiyummaa kee kan tuffatte kan jijjiirte hurraadhaaf kan gurgurte, Angafummaa isaa ittoo missiraatiif kan gurgure akka Eesaawutti kabajaa fi hangafummaa kee kan gurgurteef ejjuu kan barteef raadni harree waliin oolte dhuufuu barti akkuma jedhame sagaagaluu, soba, tuffii, haafaawuu, kan barte amantii Tawaahidoo tuffattee amantii Arabaa fi faranjii keessaa kan guurratte fi kan fudhatteef, karaan kee si haa fayyisu, kan itti amante si haa baraaru hordofaa Kaatoolikiifis, Pirootestaantiifis, Islaamaafis, Hinduus, Budiizimiis hundaa kan eegatu sillee si eeggataa qophaa'ii eeggadhu !!

Hisqi'eel 14 : 12 -- 20

Seera Kes. Deebii 12 : 21 -- 28

Isaayyaas 40 : 6 -- 8

Isaayyaas 57 : 11 - 13

Saba koo kan xinnaarraa hamma guddaa jirtan hundaaf !

Sa'aatiin waa hundi itti safaramu itti murteeffamu, ittiin adda bahu xumurameera kan hafu qamadii gara gootaraa inkirdaada abiddaaf kennuu qofa. Jaarsa jaartii, ga'eesaa ga'eettii, dargaggeessa dargaggeettii hundi keetuu Waaqa onnee fi kalee qoratuun adda baateerta ! Dhiifamaaf kan barreeffame adda isaarratti mallattoon dhoksaan godhameefiira. Dhiifama kan hin arganne (abiddaaf kan barreeffame) mallattoo maleessa dha.

Mallattoo isa dhoksaan godhame qabachuu fi dhabuu kee kan si adda baasan ergamootni qulqulloonni waan si beekaniif ! Kan hin qabne ibiddaaf kan qabu gara boqonnaafi gara dhiifamaa kan beektu ammoo yoo fayyituufi balaa jalaa yoo baatu qofa ! Fayyuu keetis kanaan mirkaneeffatta. Si maddii kan jiru kan jirtu yoo geggeeffaman mallatto dhabeeyyii ta'uu isaanii ni beekta ni hubatta.

Ani hoogganaa dha, ani ministeera, ani abbaa amantiiti, abbaa duulaati, abbaa niyukileraa, abbaa rasaasaa taatus, hoogganaa addunyaas ta'i, balleessaa kan gargaartu waan taateef, muusee fi ejjaa waan taateef, fayyadamaa muudamaa gosaa, abbaa murtii sabaa waan turteef homaayyuu jalaa kan si baasu hoomtuu hin jiru. Fuulli addunyaa guutuu hunduu du'aan ni sakatta'ama. Kan si fayyisu qajeelummaa amanti laphee keetii fi hojii kee qofa.

Qabeenyi, horiin ati sassaabde warra dhiifamaan yaadamaniif hafa. Ati akka facaastetti ni haamta, Uumaa kee ***** akka Gooftaatti kan lakkooftee kan dahatte guyyaa bitaa sabaa jalatti. Inni waan deemuuf atoo garamitti hafta !!! Waliin imalta. Dhirsi harree waraabessa jalaa hin baasu akka jedhamu garaa keetiifis ta'ee kaayyoo itti amanteef ganummaan fi diinummaanuu biyya Waaqayyoo fi ummataa kee, waan ta'eef eddoon kee awwaala qofa dha. Hamma hojii kee siif kafalama. Bulchaan kamuu hin miliqu. Ofii isaas ta'ee si hin baraaruu. Kanaafuu uleen Waaqayyoo si dura dhufaa jiru osoo hin calleessin akka hin deebine hubattee hidhattee eeggadhu ! Balleessaan inni ajajame balbala keetirra dhaabateera waan ta'eef.

Ergaa kana yoo dubbiftu akkuma barte gamnummaan foonii fi dandeetiin siyaasaa na baasa jettee akka hin yaadne. Rakkina kee ulfeessuu malee wanti fayyadu hin jiru.

Addunyaan ganaa hirriiba isaatii hin kaane, dallansa itti dhufeenis sirumaa hin rifanne yeroo hundumaa akka yaadu beekumsaan wal gargaarsaan maallaqaan keessaa nan baha jedheet amana.

Kirkira lafaatiin, lolaadhaan, danbaliin, hoo'aan, beelaan yoo rukutamu koonfiraansii gurmeessa, tooftaa saayinsawaa malata dhaabbata gargaarsaa moggaasa gaheed jedha. Kun hunduu ni dhaabata hin gargaaru ulee mataa isaatiif kenname wanta hin dandamanneef yeroon inni tokko isa kaan ittiin wal gargaaru ni dhabama. Hunduu akkuma hojiisaa badiinsa dhufeen ni harama. Akka aaraattis ni hurkaawa. Ardiin keenya finciltoota yakkamtoota ijoollee Diyaabiloos kan dhugaa hin beekneen waan guutamteef dirqama qulqullaa'uu qabdi. Lafa eebbaa qulqullootaafis mijoofta ta'uu qabdi. Kanaafis fedhi Gooftaa kun ni raawwatama.

Itoophiyaatti kan gahu kan dhufu hunduu kunoo ni dhufa ! Waaqayyo kan muudeen yoo ardittii irratti yoo mootoman yoosan qofa jalqaba boqonnaa ta'a. Kuni hanga ta'utti garuu addunyaan badiinsaa fi barbadaa'iinsa argitee hin beekne ni keessummeessiti yeroo kanatti hunduu kan iyyu lolli Waaqayyoo akka dhaabatuufiif qofa. Sun ammoo kan ta'u kan ajajame yoo raawaatamu ummatoonni waaqayyoo bilisa yoo bahan qofa.

Ijoolleen Waaqayyoo amanamoon taayitaa Gooftaa irraa kennameef kan addunyaa guutuutti ibsu yoo cimsan ! Hunduu yoo jilbiiffatuufi Waaqayoodhaan fi kanneen inni kabajeeniif yoo bitamu qofa ! Nagaa, eebba, arjaan kan ta'u kun yoo ta'u qofa. Kun ammoo miidhama hedduu booda kan raawwatamudha. Sababni isaatis ilmi namaa oftuummaa isaatiifi anatu beekaa isaa dafee hin gatu waan ta'eef !! Addunyaan hundi imimmaaniifi iyya olaanaadhaan ni guutama. Cimina lola isaa irraa kan ka'e addunyaan kan dabarte hanga fakkaatutti, ammas irra deebi'ee nan jedha ! Gooftaan Itoophiyaa fi gaarota(biyyoota) naannawa ishee jiran hundatti teessoo ifaa isaa diriirsuu ijoollee isaa teessoo mootummaa isaa irra ypo teessisu qofa kan tasgabbaa'uu eegaluu kanaan ala wanti dhufu tokkoyyuu hin jiru.

Waaqayyoon dhiifamaaf kan isaan yaade Kiristaanas ta'anii Islaama, Kaatolikiis ta'anii dhaaba biroo keessas jiraatanii jiraachuu baatanii amantii qabaatanii qabaachuu baatanii, keessi isaanii qofti qajeelaa fayyaaleessa damboobaa arjaa yoo ta'an dhugaa kan jaalatan yoo ta'eefi Waaqayyoo kan barbaadan haa ta'an malee ! Amananii fi cuuphamanii ijoollummaa Tawaahidoo Ortodooksii ishee iftuutiin eebbifamanii daandii ifaa irra ni gasaaggasu ! Bara dhiifamaas ni argu ittis ni jiraatu.

Ka'iinsa Itoophiyaa !!

Saba koo yaa ummata Itoophiyaa ati bar ummata Waaqa keetiin daran jaalatamtedha haadha isaa Dubroo Maaramii kan daran jaalatuuniif ijoollee godhee kan si kenne barakaa fi jireenya namuufuu hin kennine kan siif ajaje bari !! Ijoolleen Immiiyyee(dubroo) sila Gooftaa akkanatti sin jaalateef maal kafaltu !! Addunyaan guutuu siniin akka bitam ajajamu murteesse. Mee saba koo qalbeeffadhu ! Ifaajeen abbootii keenyaa kanneen darbanii lafa eebbifamtuu tanaaf dadhabaniif waggaa kuma torbaaf (7000) madaalamaa, safaramaa, galmeeffamaa, jiraatee Gooftaan waadaa isaa hin cabsine anaafi si'iif gatii kafaluuf dhufe !! Maal kafaltaanisi sila !! Gooftaan homaa hin gaafatu galata onnee kee irraa maddu qofa.

Kabaja Waaqayyoo duratti qabdu hin beekneen ! Amma garuu beekuun sirra jira. Hojii keetiinii miti kan si jaalate eebba akaakayyuun akaakileen kee amantii isaaniitiin shaabatanii ayyaana isaatiin hammaaratani. Gooftaan keenya amanamaan bara ka'iinsaa kanaafis si gahe yeroo hundumaa kan amanamedha. Jecha isaarraa kan dabalamu kan hirrifamu tokkoyyuu hin jiru.

Dhagahi gammadis !! Kabajni addunyaa irratti ifu Itoophiyaaf kennameefiira !! Itoophiyaan eebba isaattiinfi arjooma isaatiin jaalala isaatiinis guutamtu hammata haadhummaa fi eebba Giiftii kootiin si jiraachisti. Ammaan achi biyyi tee Itoophiyaan gara salphinaa hin deebitu sabni koo eebbaaf carroomte akka dhaloota hamaa ammaa Gooftaa kee akka hin gaddisiifne sittan hima. Amma lolasaas badiimsa isaas ni laalta waan ta'eef Gooftaa keerraa akka hin siqne badiinsa kana booda baay'ina eebbba fi arjooma isaatiin gammachuun kee daran waan baay'atuuf fedhii fooniitiin butamtee jaalalaa fi ayyaana inni si arjoome jalaa akka hin godaanne of eegi !!

Yaa saba koo eebbifamaa ati isa dansaa ni argita ijoolleen kees akka arganiifi dhalootaaf akka tursiisan waliin amanamnee fi jechaa fi ajaja Gooftaa keenyaaf jabaannee biyyi teenya Waaqa duraatti akka amanamte akka jaalatamteetti akka turtuuf hojii taasisu ha hojjennu !!

Jaalal isaatiin kan inni jibbu jibbaa, kan inni jaalatu jaaladhaa kam amm argitu azmaraa fincilaa fi badiinsaa Diyaabiloos facaase lafa keetirraa balleessi, dhugaa qofa mootomsi. Muuseen ganuu ummata Israa'eliin yoo dallanu Waaqayyo waan jedheen yaaduu sirra jira. Gooftaan akkana jedheeniyyuu; gabricha Muusee ummata lapheen isaa jallataa haa balleessu

na dhiisi si'is ummata guddaadhaaf hoogganaa si haa godhu jedheeniiyyu ture, ummanni guddaan sun ammoo ummata Itoophiyaati. Muuseen bulchiinsa kan barata abbaa niitii isaa Yootoor isa nama Itoophiyaa irraayi ture. Itoophiyaan seera qalbiitiin, seera Ooritiitiin, har'as seera Wangeeliitiin sirna jiru osoo hin faallessin duudhaa isaa eegdee dhufteerti. Waaqayyo Gooftaan keenya jecha isaa Qulqulluu gabroota isaa biraan dabarse, of-eeggannoodhaan eegdee si dhaloota harraatiif geessitee jirti. Gocha ormi kan tuffate kan hage kan hir'ise osoo hin hordofin sirriitti akkuma tureen akka jecha isaa eegdee jiraachisteerti.

Sirna amantii ishee addunyaa guutuu irraa adda ta'een har'as weedduu ishee kan akka fixeensaa cobuu fi akka bishaan burqaa jiguun Waaqa galateeffatti.

Hooggantoota guguddoo Waaqayyoo kenneefii ture. Kaaleeb faa, Izaanaa faa, Abrahaa wa Abitsahaa faa, Laalibalaa faa Zaraayaaqoob faa kan kana fakkaatan amantiinis fooniinis kan olka'an dabarsiteerti. Mootummaan ishees daran kan baay'atee fi hanga Yaman kan fagaate ture. Bulchitoonni bara baraan ka'an hirrisaa sharafaanii dhufan, Hooggantoonnis seenaadhaan xinnaachaa dhufan, kan yeroo dhiyoo osoo kaafnee bara zamana masaafintii iraa qabee seenaan Itoophiyaa dhimma daangaatiin haalli walxaxaan hedduun uumamee fi hanga har'aas walxaxee akka itti fufe ni argina. Bulchitoota ishee isaan senaadhaan kan xinnaataniii fi biyya isaanii sharafanii diinaaf kennuun taayitaan isaanii akka itti toluuf qofa ifaajan kunoo dhaabannee ilaalaa jirra ! Hiyyummaan seenaa sirumaa kan isaan hin dhukkubnedha.

Haata'uutii saba koo itti hin dhiphatin diinni adeemsa kallattii maraanuu karoorse dizaayin godheen Itoophiyaa fuula lafaa irraa balleesseera. Harras wanta danda'u gochaa jira. Haata'uutii Waaqni eegumsa karaa maraanuu waan godheef as geecheerti.

Kanaan booda garuu seenaan kun ni jijjiirama. Saalfiinis salphinnis diinotaaf ta'a. Kan dhiphate kan sharafame bakka dur turetti qofa osoo hin ta'in haala ati sirumaa hin tilmaamneen baay'atee baballata. Bara Kaaleeb faa kan jiru qofa osoo hin ta'in sanii olis ta'a. Saba koo ! Si haa dingu Gooftaan kee kana ni godha; kana biras dabree carraan biyyoota biroo hundaa kan murteeffamu as Itoophiyaa ishee guddittiitti ta'a. Addunyaanis booji'aa fi eebba Itoophiyaa ta'a.

Faar. 36(37) : 9 Raajicha Sofooniyaas boq. 3

Isaayyaas boq. 57 Isaayyaas 62 : 1 -- 5

Faar. 57(58)

Faar. 56

Saba koo qalbeeffadhuu hubadhu kabaja isaatiif ittiin galatoomuuf dhuguma si jaalateera murtoo qajeelaa isaas akka biiftuutti baasuuf murteesseera. Kanaafis gorsa isa xinnaa ani obboleessi kee si gorsu dhagahi !!

Ilmaan namaa hundaaf jaalala qabaadhu hammeeya, gara-jabeenya, haafawuu, sagaagala(ejjuu), hattummaa, gaarii kan hin taane hunda siruma ofirraa fageessi amantiidhaan obboleessa obboleettii kee kan ta'an biyya keetiifis amanami kana hunda caala Waaqayyo Gooftaa kee onnee kee guutuun, yaada kee guutuun nafsee kee guutuun jaaladhu !!!

Waa'ee hooggantoota keenya ammaa fi carraa isaanii.

Taayitaanis akkamitti gara harka ijoollee waaqayyootti dabra !

kan jedhu asiin gadi ballinaan waan ilaalluuf qalbiin ilaali.

Addunyaan guutuun iccitiinis ta'ee ifaan yoo ifaaju lafa Qulqulleettii eebbifamtuu tana Itoophiyaa balleessuufi fuula lafaa irraa haquuf ture. Osoon ta'in hafe malee ! Duulsisaanis bofichi duraa Diyaabiloos duulli isaa yeroo hunda kan xiyyeeffatu fedhaafi yaada Waaqayyoo irratti akkasumas sanyii namaa hunda irratti dha. Biyyi kamuu qaroomes beekes hiriya isaati walitti bu'uu mannaa biyya hiyyeettii tana balleessuu karoora isaa isa duraa godhata. Kanas raawwachaa baheera ammas osoo addaan hin kutin yoo godhu ni mul'ata.

Arabniifi addunyaan arabaa, Ameerikaa fi jaalleewwan ishee, Eeshiyaanis, Afrikaan inni gurraachis miirri isaan Itoophiyaadhaaf qaban yeroo hunda kan boora'edha maalif yoo jedhame biyyi teenya Itoophiyaan waan hundaanuu kan adda taate waan ta'eef !! Mee faranjii fi faranjii walbira qabaa laalaa aadaa isaatiin namooma isaatiin waa hundi isaa waliitti kan dhiyaatedha. Arabas laalaa sanuma warra guraachis haala walfakkaataadha kan irratti mul'atu; Eeshiyaanicha irrattis taatee walfakkaataadha kan jiru, kan hunda irraa kan adda taatu Itoophiyaa fi ummatoota ishee qofa. Amantaadhaanis

aadaadhaanis dammaqina uumamaatiinis seenaadhaanis hundumaanuu adda kanaafis namni siyaasaa fi hoogganaan addunyaa sababa tokkoonis ta'ee kan biraatiin gara Itoophiyaa yoo dhufu hubannoon walee isaa waliin jibbuudha. Jallinuma yaadaa kanarraa kan burquun hojii badiinsaa fi hammeenyaa hojjechuu dha.

Kun maaliif ta'e ! Kun kan ta'e namonni qalbii isaanii hafuurawaatiin akka hin bitamne hojii fi gocha boficha duraati waan ta'eef harka baay'een yookin kutaa addunyaa hunda bifa gateettii isaatiin oofee rukutee fi bocee akka barbaaduun godheera inni kan karooree fi qabsiise akka dubbii jiraachuuf jiraachuu dhabuu fi akka dhugaatti fudhateera. Waan kana ta'eef addunyaa isa biraatiif abbaan isaanii Diyaabiloos waan ta'eef diinni isaammoo isaaniif diina. Bulchaan dukkanaa hoogganaa hojii dukkanaa ti. Kana waan ta'eef amatii ifaa isa faallaa kanaa ta'e kan Itoophiyaatti mul'atu hin fudhatu.

Itoohiyaan biyya ifaati. Bara hunda dhugaa isa kutatee dhufe kan harkatti qabatte seeraa fi jechaa ifaa Waaqayyo Gooftaan keenya baruma baraan harkatti ishee qabachiise cimsitee kan jiraattedha. Kana waan ta'eefis addunyaan hunduu dhugaa kana daandii dhugaa kanarraa badee daandii addunyaa isa dukkanaawaatiin deemuu isaa fi dhugaa tuffachuu isaatiin ayyaana Itoohiyaaf kenname waan dhabeef hojiin isaa carraa fi dhugaa kana kan qabatte Itoophiyaa jabeessee jibbuudha. Hafuura fi miira kanaan bitamuun haleellaa garagaraa gaggeessa. Amantii Waaqayyo duratti kabajame (Tawaahidoo Ortodooksii) kan cimsite, jireenya isheetiin sirna isheetiin jaalala obbolumaatiin kan guutamte yeroo hundas Waaqa isheetiif kadhannaa galataa akka fixeensa dansaatti burqu akka lagaa kan dhangalstu, biyya qajeelota fi fayyaaleessotaati. Kanaanis Diyaabiloosiin daran waan jibbamteef ilmi seexanaa hundi akaakayyuu akaakilee isaatii qabee bara 7000an guutuu sababaa fi duulcisummaa abbicha duulaa Diyaabiloosiin osoo addaan hin kutin itti duulaa bahaniiru. Ammas dhugaan mullatu kanuma.

Yeroo hamaa rakkinnaa kanatti qoramarra kan jirtu biyyi teenya Itoophiyaan abdii Waaqayyoo ishee isa guddaa harkatti qabattee kan jirtu ta'uu ishee hunduu ni beeka. Maarree biyyattii guddoo tanaaf dursitoonni badiinsa ishee eenyu faadha?

Hooggantoonni keenya kan har'aa Waaqa kan hin beekne, hammeenyaan kan guutaman, biyya tana kan dhiitan, kan jibban aadaafi amantaa ishee, jiraachuu ishee kan tuffatani dha. Humna isaaniitiin amanamanii kan bitanidha. Badiinsaafis kan ergamanidha. Ummanni Waaqayyoof hin bitamu

yoo jedhu yoo fincilu Waaqni adabuuf jecha bulchitoota hamoo akkuma ergu, keenyas ulaaguma kanaan kan dhufani malee humna mataa isaaniitiin kan dhaabatanii miti. Isaaniif garuu itti fakkaata. Ni beekus ergama isaa garuu hin hubatan. Kan oofuun kan ajajuunis Ergamaa badiinsaa gochuma kanaaf ramadame dha.

Waa'ee hooggantoota keenyaa, waa'ee amala isaanii kaasuun homaa hin fayyadu. Ummanni koo hunduu ni beekaan waan ta'eef , soba matuma isaatiin hojii hamaatiin kan ciman ta'uu lammiin Itoophiyaa hunduu ni beeka. Carraa isaanii kaasuun sa'aatii isaa waan ta'eef dirqamas barbaachisaa dha. Isaanis yoo hin hubatiniin osoo beekanii mishaa dha waan ta'eef.

Qalbiidhaan dhaggeeffadhaa ! Hooggantoota keenya kan yeroon siruma sinitti dukkanaa'e !! Dursee wantin jedhu yoo jiraate waa'ee carraa keessaniiti. Nama ta'uu keessaniin baay'ee nan gadda. Seenaa keessatti yeroo kanatti osoo uumamuu baattanii fooyyee dansaa siniif ta'a ture !!

Waqtiin seenaa keessa jirru kun waqtii kabajni Itoophiyaattis ta'ee addunyaa guutuutti daran guddaa fi asiin durayyuu hin hin yaadambeefi hin mul'anne itti ta'uu fi itti mul'atu dha. Riqicha cehiinsaa kan baroonni dukkanaa kuma torban(7000) gaggeeffamanii dhiifamaafi eebbaaf kenname boqonnaaf waggaa kuma tokkoo(1000)f itti jiraatu irra jirra. Kan cehan ammoo daran kan baay'atani dha.

Ajajaafi ajajamaan bara keenyaa garuu warra cehan keessaa osoo hin ta'in warra hin ceene keessayi. Cufaa kan nama dingu sa'aatii isa xumuraa kana irrattiyyuu hojii ofii isaanii ceesisu yoo hojjetan hin mul'atan, hin gaabban har'as Waaqa waliin waraana seenuu kajeelan. Kan na dinqus kanuma. Kan gaddisiistanis kanaani.

Namni akkamitti hin hubanne ! Namni akkamitti ija babaasee Uumaa isaa waliin wal'aansoo yaala ? Namni akkamitti gara caffee lixaa osoo jiruu miliquuf hin yaalle ? Isin kan dinqitani dha. Hunduu harka keessanii ni baha ! Ni hurka. Tokkichi keetuu hin miliqxu garami kan itti miliqamu? Yakkamaan, fincilaaniifi cubboomaa addunyaa guutuu keessa jiru abbaa duulaan Diyaabiloos as Itoophiyaa dhufee (dirqamee) addabaabaayii murtootti ni dhaabata !! Murtoo qajeelaas ni fudhata.

Maarree isin garan deemtu? Addunyaa isa qabatee firdii isaa fudhatu haramuu fi baduu? Daran gaddisiisa kanan jedhes kanaafi.

Muusewwan hedduun ummata isaaniirratti badii raawwatanii fi balleessanii addunyaa isa biraatti godaanuun kan baratamee fi mala hoogganaan hunduu

beeku dha. Malli kun garuu itti galgalaayeetii gara galmee seenaatti gatame. Bakki itti godaanamu in jiru godaanamus eessayyuu haa ta'u bakka dhokatani qabamamnii salphatanii fiirdiif dhiyaachuun hin hafu. Kan ammoo lubbuun hafuuf sin haa gahu malee ni argituun. Furmaannii fi kan wayyu garuu dhaddachuma ifaa kanatti dhihaatanii murtoo Waaqayyoo qajeelaa fudhachuu qofa. Kan murteessus kan dhiifama godhus akka maalummaa laphee keessanii hanga adabbii kan murteessu Waaqayyoo Gooftaa hoomaa hundaa ti.

Jeettii, taankiin, rasaasni, loltuun amanamaan hunduu awwaara dha. Tokkichi isaaniiyyuu sin hin baasan. Hooggantoota keenya haala kana keessaa kan isaan baasu malli kamiyyuu hin jiru. Sanyiin fincilaa fi hammeenyaa sin facaasatan badiinsi ummata Waaqayyoo irra geesse dhiigni baay'ee, imimmaan baayyee, lubbuun namaa baayyee akka ittiin darbu ta'eera. Kun ammoo Waaqa Uumaadhaan madaalameera. Murtoonis baheera. Kanaafuu garamiyyuu miliquun hin danda'amu. Taayitaan hardha itti amanamtan abidda ta'eet sin nyaata. Ifaajeen isaaf jettanii ifaajjan homaa ta'a. Eessas taasisaa eessa, kan isin kuustan kan ijaartan inni dhiifamaaf carraa argate in nyaataan. Biyyii fi ummanni isin itti kuustan ni bada. Kan sin gargaaru marti akka aaraatti hurkaawa.

Na dhagahaa, gurra keessan banaa , ija keessanis banadhaa ! Aangoon kun akkanumaan itti dadhabdan bor kan inni ta'u kan hin hafne sinitti yaa himu.

Dhugaan siniin jedha, aangoo kana haalduree tokko malee kennuuf kadhattanii, jilbiiffattanii, iyyitanii irraa adda bahuuf ni yaaltu. Garuu yaadaa fi hawwii keessaniin hin ta'u. Aangoo kennaan, aangoo dhoorkaan Gooftaa waan ta'eef sirriitti erga itti miidhamtanii booda Waaqni Uumaan keenya yoo nahu qofa sinirraa fudhanna malee nu gabroonni Waaqa hunda caalaa aangoo nuuf kennaa jennee hin kadhannu goonus ! Sanuummoo eenyu irraayi kan kadhannu ! Aangichi kan abbaa keenyaa kan Uumaa.keenyaati bar !! Kana hundi keessan beekuu qabdu. Kana wanta ta'eefis isinirraa saamamee ijoollee isaatiif akka dabarfamu dhaddacha Waaqayyoo Gooftaa maccaatiin murteeffame, ragga'e, maxxanfame. Kan hafu yeroo cimoomsaati. Sun ammoo yeroo gatii itti kafaltani dha.

Kun akkamitti ta'a! Yoo ta'u ni argituun karra keessanirraa minii waa hundi ! Yeroo maaltu jiraati eeguu qofa.

Nami amanti ija amanti isaatiin ni ilaala ! Gantuu fi Waaqa isaa kan hin beekne ija ittiin ilaalu waan hin qabneef tasa dukkanni hanga liqimsuun

qoosaa fi baacaa, yookis ammoo rifaatuudhaan liqimfamee xumura isaa eeggata !

Jechi murtoo kun tamsa'uu fi ummataa beekamuu eega jalqabee qabee yeroon waan xumurameef gara gochaatti jijjiiramuun fi haramni ni eegala!!!

Ummanni koo hundi of qopheessi badiinsi dhufu akka afaaniin himamu salphatee kan dabruu miti waan ta'eef !! Dafii of kee harka Waaqayyootti gati! Karaan fayyinaa tokko qofa. Innis guyyaa Gooftaa maccaa amanamee isa warra jaalataniinif, ibiddaan marsee eeguu seenanii dahachuu qofa ! Cimsee kanan gorsus kanan akeekkachiisus kanuma.

Yaadachiisa tokko hooggantoota keenyaaf ibsuun jaaladha!

Mootumman akka mootummaa of isaa osoo bichisiisee gaarii dha. Dhuunfaa kootiin itti gaafatamummaa kan beekuu fi ba'aa kanaas kanan hubadhu dha. Obsa godhachuu waaqayyo na barsiiseera. Haa ta'uutii yeroo dheeraaf hojii obsa namaa qoru hojjechaa turtaniirtu. Hoomaa nageenyaa, odeeffannoo fi oduu guuraa, hidhataa bobbaasuun mala haleellaa tooftawaa karoortanii anarratti haleelaa, duulaa, turtaniirtu.

Obsis ni dhuma kanaafuu gocha keessanirraa of qabaan jedha !! Kana kanan jedhu namni homaa yoo laaluun waan natti ulfaatuuf qofa. Hin dogongorinaa, wantin ani waa'ee keessanii hin beekne dhoksaa ta'e ni jiraata jettanii akka hin tilmaamne . Dukkanni ifa hin qoratu, ifni garuu dukkana ni qorata. Dhokattanii waan kamiyyuu yoo karoortan, yoo eegaltan, yoo baatanis, seentanis, abjuu keessanis hundumaa ifa baasee natti agarsiisa. Qalbeeffachuu sinirra jira ani obsuu kooti malee ani Waaqayyo gaafachuu fi akka gatii keessan sinii kennu gochuun gaafii sekondoota muraasaa qofa. Ani yoo natti fakkaate gaariis ta'ee hamaa Gooftaa koo yoonan gaafadhe homaa wantin dhoorkamu akka hin jirreefi ana garbicha isaatiif ilma isaaf gurri isaa banaa ijji isaas ana irra ta'uu isaa akka beektan nan barbaada. Kanaafuu obsa koo hin qoratinaa. Waa'ee kootii kanan siniif ibsu kan, san nan godha kan siniin jedhu qilleensas jedhaa lafa, kan bishaaniis jedhaa yookiin phaaphaasii dabtaraa akkasumas sheekii hunduu sinii haa ifaajan. Hangam fagoo akka deeman nan beekaan isaanis ni beekkatu. Kanaafuu hoomaawwan Diyaabiloos yeroo sin jalaa dhumeef hin dadhabinaa ! Sarara isa diimaa dabartanii deemuuf dhiyaattaniirtu dadhabbii keessan yaadaa ani

hoomaa natti hin fakkaatu ! Naannoo koo ammaan achi sa'aatiin irra deebi'ee nu dudubbachiisu hin jiru waan ta'eef !!

- Ergaa barreeffamaa kana yoo dubbiftu sagalee Uumaa keetii dhagahuu jee beeki!!!
- Miiraan irra hin gatin, ofii kee biti, gammachuun kees sirnaan of bituun haa ta'u !!!
- Of-gadi qabuu qabaadhu, obboleessa keetiif yaadi, miidhaa irra gahuun hin gammadin osoo fayyee jiraatee obboleessa kee ture waan ta'eef !!!
- Namni Waaqayyoo waan hundaanu ofii isaa bitachiisa waan ta'eef ! Atis obsaa nahaa arjaa ta'i !
- Isa biraatiif kan cingamu dhugoomaa dha; atis gara fincilaa hin deemin; **humni waaqayyoo** hojii isaa hojjechuuf ba'e gargaarsa foonii hin barbaadu waan ta'eef of eegi !!

Waa'ee tamsa'uu ergaa kanaa

Gooftaan fakkeenya tokko fakkeessee jira namoota sadiif maallaqa yookin meetii kenne. Akka humna isaanii kenneef akka daldalan, bu'aa buufatan sadeenuu dhuunfaa dhuunfaa isaaniitiin bobba'an, lameen ni daldalan bu'aa ni buufatan bu'aa isaaniis qabanii dhufan. Itti galateeffaman itti badhaafaman. Tokkochi garuu hojjetee bu'aa buufachuu mannaa ni dhokse, Gooftaan yoo gaafatuunis meetii tokkichuma Gooftaan kenneef san dhiyeesse Gooftaan ni abaareen, ni qeeqame, carraan isaa dukkana ta'e.

Kana kanin siniin jedhe akkanumaanii miti ergaa Gooftaa hoomaa kana humna keessan hundaan ummata hundaaf geessaa, bittinneessaa !! Kanaan qalbii kan jijjiiratu(Nissahaa kan seenu) ni jira ni fayyasi; sinis daldaaltan; bu'aa buufattanii; inni biraa ammoo ni jira qalbii waan hin jijjiiranneef hin fayyu itti faradama. Kanaanis bu'aa buufattaniirtu. Sababni isaas firdii kan argate itti himamee gorfamee akka deebi'u gorfamee waan ta'eef kanaanis Waaqa keessaniif waan amanamtaniif fi ajajamtaniif bu'aa qabdu.

Garuuyyuu dhoksitanii mana keessanitti awwaaltanii osoo jiraachiftaniinii ! akka nama nama dhibaayaa, meetii awwaaltota taatan wanta ta'eef of eegaa. Waaqayyo kan jaalatuufi kan gammadu wanta dhageechan

amantanii, wanta dogoggortan irraa daftanii yoo deebitanii fi obboleessa keessan biraaf akkum keessanii akka fayyuuf yoo yaaltan qofa.

- Biyyoota birootiif ergaan kun seeraan akka darbu Amaariffaanis, Ingiliffaanis dubbiftanii ummata keessan biyya alaa jiranis ta'ee sanyii namaa hundaaf akka gahu godhaa. Tooftaa baraatiinis itti fayyadamaa.
- Poostaadhaan, Imeeliidhaan, Faaksii dhaan ergaa haa gahuun murtoo isaa haa beeku, beekees haa fayyu ta'uu baannaan du'a ni fudhata.
- Har'a sa'aatiin nama baraaruu, borummaa dhiifamaaf kan yaadame hundi eebba lafaayis samiirraas dhangala'uuf waan argatuuf kan ati dabaltuuf maali !

Yeroon qorumsaa amma akka fayyu gargaaruun amma. Abiddi humna isaatii guutuudhaan fi humna isaa olaanaadhaan dhangala'uu isaatiin dura.

Manni yoo gubatu keessa isaatii nama baasuun akkuma dadhabsiisu isinis ifaajaa. Wantin siniif mirkaneessuuf jaaladhu homaa yeroon akka hin jirreefi siruma dhumachuu isaati.

Anaafi obboleeyyan koo beekuuf hin ifaajinaa ! Maddii waan jirruuf hojii irratti qofa xiyyeeffadhaa !

Jaalatanii osoo hin ta'in dirqamanii ummata Itoophiyaa isa abbaa dhimmaa, ummata addunyaa guutuuf tooftaa walqunnamtii qaban hundaan guyyaatti yeroo kudhan ni haasawaniin. Ummanni addunyaa hundi hoogganaas ta'ee homaayyuu ta'ee nafsee isaa baraaruuuf cingiidhaan kan bararu gara Itoophiyaa ta'a !!

Ummanni Itoooohiyaa hiree qabdu ummata dhuguma jaalatamtudha !! Waaqayyoon hojii keessaniin hunda sin haa eebbisu !! Giiftiin koo dubroo Maariyaamiin yeroo hunda hammattee isin haa jiraachiftu ! Jechamoota Jecha kabajamaa isaa irraa kan kaafaman (kitaaba Qulqulluu irraa) hubadhaatii dubbisaa !!

Jalqabsiisee kan na xumursiise Waaqayyo gooftaa maccaatiif galanni haa gahu

Yeroo hunda kan naan adda hin baane haadha too Dubroof galanni haa gahu

Gabrichaa fi tajaajilaa Waaqayyo Gooftaa Hoomaa isa amanamaa irraa

Xumurame !!

Baay'inni fuula isaa 19 ta'uu hin dagatin! (kan Gara Afaan Oromootti
hiikame kanaa amoo fuula 33) !!

Yoo tamsaastu sirumaa fuula hin hir'isin !

Dogongora qubee osoo hin ta'in ergaa qofa irratti xiyyeeffadhu !!